Waggaa 27 ffaa..... Lak. ...........8/2011
፳፯ኛ ዓመት........ቁጥር..........፰/፪ሺ፲፩
27th year ........... No. ............ 8/2018

Finfinnee,..... Onkoloolessa 23 Bara 2011
ፊንፊኔ፣............ጥቅምት ፳፫ ቀን ፪ሺ፲፩ ዓ.ም
Finfine,........................November 2, 2018

# MAGALATA OROMIYAA
# L µ E p ‰ Z M¦
# MEGELETA OROMIA

| | | |
|---|---|---|
| Gatiin Tokkoo ............ Qarshii 6.90<br>የአ¿«è ”¶ ...................... ብር 6.90<br>Unit Price ....................... Birr 6.90 | To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe<br>l‰Z M¦ ብሔራዊ ŒGF” L¿· R r<br>በጨፌ ኦሮሚያ °mf}r £'» | Lak. S. Poostaa ......... 21383-1000<br>£Þ.Q.e¼Y ...............21383-1000<br>P.O.Box ....................... 21383-1000 |



| QABIYYEE | ማውጫ | CONTENT |
|---|---|---|
| **Dambii Lakk.204/2011**<br>Dambii Waldaalee Itti Fayyadamtoota Bishaan Jallisii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Raawwachiisuuf Bahe Lak. 204/2011...........................Fuula 1 | **ደንብ ቁጥር ፪፻፬/፪ሺ፲፩**<br>የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት የመስኖ ውኃ ተጠቃሚዎች ማህበራትን ለመወሰን ደንብ ቁጥር ፪፻፬/፪ሺ፲፩ ..................................ገጽ ፩ | **Regulation No. 204/2018**<br>Regulation No 204/2018 Regulation to Determine Oromia Regional State Irrigation Water Users Associations...................Page 1 |


Dambii Waldaalee Itti Fayyadamtoota Bishaan Jallisii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Raawwachiisuuf Bahe Lak. 204/2011

Labsii Waldaalee Itti Fayyadamtoota Bishaan Jallisii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe, Labsii Lak. 204/2009 hojiirra oolchuuf Dambii baasuun barbaachisaa ta'ee waan argameef

Akkaataa Labsii Lak. 213/2011 keewwata 71 keewwata xiqqaa(1) fi (2) tiin Dambiin kanatti aanu bahee jira.

## Kutaa Tokko
## Tumaalee Waliigalaa

**1. Mata Duree Gabaabaa**

Dambiin kun "Dambii Waldaalee Itti Fayyadamtoota Bishaan Jallisii Naannoo Oromiyaa Lak.204/2011" jedhamee waamamuu ni danda'a.

የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት የመስኖ ውኃ ተጠቃሚዎች ማህበራትን ለመወሰን ደንብ ቁጥር ፪፻፬/፪ሺ፲፩

የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት የመስኖ ውኃ ተጠቃሚዎች ማህበራትን ለመወሰን የወጣውን አዋጅ ቁጥር ፪፻፬/፪ሺ፲፩ ለማስፈጸም ደንብ ማውጣት አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፣

በአዋጅ ቁጥር ፪፻፲፫/፪ሺ፲፩ አንቀጽ ፸፩ ንዑስ አንቀጽ (፩) እና (፪) መሠረት ይህ ደንብ ወጥቷል።

## ክፍል አንድ
## ጠቅላላ ድንጋጌዎች

**፩. አጭር ርዕስ**

ይህ ደንብ "የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት የመስኖ ውኃ ተጠቃሚዎች ማህበራት ደንብ ቁጥር ፪፻፬/፪ሺ፲፩" ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል።

Regulation No 204/2018 Regulation to Determine Oromia Regional State Irrigation Water Users Associations

Whereas, it is found necessary to issue Regulation to implement Oromia Regional State Irrigation Water Users Associations Proclamation No: 204/2017;

Now, therefore, In accordance with Proclamation No. 213/2018 article 71 sub article (1) and (2) this regulation is hereby issued:

## Part One
## General Provisions

**1. Short title**

This Regulation may be cited as "Oromia Regional State Irrigation Water Users Associations Regulation No 204/2018."

**2. Hiika**

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Dambii kana keessatti:

1) "Biiroo" jechuun Biiroo Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa Oromiyaa jechuudha.
2) "Iskiimii Jallisii" jechuun lafa qonna jallisii iddoo murtaa'etti argamuu fi bu'uuraaleewwan misooma jallisii ammayyaa fi aadaa kan ofkeessatti qabatu jechuudha.
3) "Jallisii Aadaa" jechuun mala aadaatiin meeshaalee naannootti argamu fayyadamuun oomisha qonna jallisii gaggeessuu jechuudha.
4) "Jallisii Ammayyaa" jechuun jallisii fi qoorsa lafaa qorannoo fi dizaayiniin isaa haala hammayyaatiin hojjatame yookiin hammayya'aa akka ta'u kan taasifame jechuudha.
5) "Jallisii Bonee" jechuun misooma qonna jallisii jiidhina lafa keessa jiruun fayyadamuun kan misoomu jechuudha.
6) "Jallisii Maayikiroo" jechuun jallisii lafa bal'inni isaa hektaara 2.5 gadi ta'e irratti gaggeeffamu jechuudha.
7) "Jallisii Xixiqqaa" jechuun jallisii lafa bal'inni isaa hektaara 2.5 hanga 200 ta'e irratti gaggeeffamu jechuudha.
8) "Jallisii Giddugaleessa" jechuun jallisii ammayyaa lafa bal'inni isaa hektaara 200 olii hanga 3000 ta'e irratti gaggeeffamu jechuudha.
9) "Jallisii Gurguddaa" jechuun jallisii ammayyaa lafa bal'inni isaa hektaara 3000 ol ta'e irratti gaggeeffamu jechuudha.

**፪. ትርጓሜ**

የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያሰጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ ደንብ ውስጥ፡

፩) "ቢሮ" ማለት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት የእርሻ እና ተፈጥሮ ሀብት ቢሮ ማለት ነው፡፡
፪) የመስኖ አዉታር ማለት በተወሰነ ቦታ ለይ የሚገኝ የእርሻ መሬት እና ዘመነዊ እና ባህላዊ የመስኖ መሰረተ ልማት በዉስጡ ያቀፈ ማለት ነዉ፡፡
፫) "ባህላዊ መስኖ" ማለት በባህላዊ መንገድ በአከባቢው የሚገኙ ቁሳቁሶችን በመጠቀም የመስኖ እርሻ ማከናወን ማለት ነው፡፡
፬) "ዘመናዊ መስኖ" ማለት ጥናት እና ዲዛይኑ በዘመናዊ ሁኔታ የተሰራ ወይም ዘመናዊ እንዲሆን የተደረገ የመስኖ እና ድሬኔጅ አውታር ማለት ነው፡፡
፭) "እርጥበት አዘል መስኖ" ማለት በመሬት ውስጥ ያለውን እርጥበት በመጠቀም የሚለማ የመስኖ ግብርና ማለት ነው፡፡
፮) "ጥቃቅን መስኖ" ማለት ከሁለት ነጥብ አምስት ሄክታር በታች በሆነ የመሬት ስፋት ላይ የሚከናወን መስኖ ማለት ነው፡፡
፯) "አነስተኛ መስኖ" ማለት ከሁለት ነጥብ አምስት ሄክታር እስከ ሁለት መቶ ሄክታር በሆነ የመሬት ስፋት ላይ የሚከናወን መስኖ ማለት ነው፡፡
፰) "መካከለኛ መስኖ" ማለት ከሁለት መቶ ሄክታር በላይ እስከ ሶስት ሺህ ሄክታር በሆነ የመሬት ስፋት ላይ የሚከናወን ዘመናዊ መስኖ ማለት ነው፡፡
፱) "ትላልቅ መስኖ" ማለት ከሶስት ሺህ ሄክታር በላይ በሆነ የመሬት ስፋት ላይ የሚከናወን መስኖ ማለት ነው፡፡

**2. Definitions**

Unless the context requires otherwise, in this regulation:

1) "Bureau" Means Oromia Regional State Bureau of Agriculture and Natural Resources .
2) "Irrigation Scheme" means an irrigation field having traditional and modern irrigation infrastructure and development found at a defined place.
3) "Traditional Irrigation" Means an irrigation system conducted in traditional method using locally available materials.
4) "Modern Irrigation" Means an irrigation and drainage system which is designed in a modern way or modernized.
5) "Moisture Irrigation" Means irrigation farming development to be developed using the moisture in the soil.
6) "Micro Irrigation" Means an irrigation undertaken on an area of land less than 2.5 hectare..
7) "Small Scale Irrigation" Means an irrigation undertaken on an area of land 2.5 - 200 hectares.
8) "Medium Scale Irrigation" Means a modern irrigation undertaken on an area of land above 200 to 3000 hectares.
9) "Large Scale Irrigation" Means a modern irrigation undertaken on an area of land which is more than 3000 hectares.

10) “Jallisii Paampii” jechuun mala jallisii bishaan madda irraa humna motoraa fi paampii naafxaa, beenzilaa fi humna elektirikaa fayyadamuun bishaan lafa gadi bu’aa irraa gara lafa ol ka’aatti dhiibuudhaan lafa misooma jallisiif ooluu danda’u biraan gahuun misoomsuu jechuudha.

11) “Nama” jechuun nama uumamaa yookiin qaama mirgi namummaa seeraan kennameef jechuudha.

12) “Waldaa” jechuun Waldaa Itti Fayyadamtoota Bishaan Jallisii akkaataa Labsicha keewwata 8 fi 9 tiin gurmaa’ee fi galmaa’e jechuudha.

13) “Labsii” jechuun Labsii Waldaalee Itti Fayyadamtoota Bishaan Jallisii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe, Labsii Lak. 204/2009 jechuudha.

**3. Ibsa Koornayaa**

Dambii kana keessatti jechi koornayaa dhiiratiin ibsame kan dubartiis ni dabalata.

## Kutaa Lama
## Haala Hundeeffama Waldaalee

**4. Haala Hundeeffama fi Miseensota Waldaalee**

1) Jallisii Aadaa irratti waldaa itti fayyadamtoota bishaan jallisii hundeessuun kan danda’amu itti fayyadamtootni sirna yookiin hidha dhiyeessa bishaan jallisii tokko irraa kan fayyadaman yoo ta’eedha.

2) Jallisii Maayikiroo irratti waldaa itti fayyadamtoota bishaan jallisii hundeessuun kan danda’amu itti fayyadamtootni miseensota shanii fi isaa ol kan qaban yoo ta’eedha.

3) Jallisii xixiqqaa irratti waldaan itti fayyadamtoota bishaan jallisii tokko hundaa’uu ni danda’a.



፲) “የፓምፕ መስኖ” ማለት ውኃን ከምንጩ በሞተር ሀይል፤ በናፍጣ፤ ቤንዚን እንዲሁም በኤሌክትርክ ሀይል በፓምፕ በመጠቀም ከዝቅተኛ ቦታ ወደ ከፍተኛ ቦታ በመግፋት ውኃን ለመስኖ ልማት አመቺ ቦታ በማድረስ ማልማት ነው።

፲፩) “ሰው” ማለት የተፈጥሮ ሰው ወይም የህግ ሰውነት የተሰጠው አካል ነው።

፲፪) “ማህበር” ማለት በአዋጁ አንቀፅ ፰ እና ፱ መሰረት የተደራጀ እና የተመዘገበ የመስኖ ውኃ ተጠቃሚዎች ማህበር ነው።

፲፫) ”አዋጅ” ማለት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት የመስኖ ዉሃ ተጠቃሚዎች ማህበራትን ለመወሰን የወጣ አዋጅ ቁጥር ፪፻፬/፪ሺ፲፩ ማለት ነዉ።

**፫. የፆታ አገላለጽ**

በዚህ ደንብ ውስጥ በወንድ ጾታ የተገለጸው ሴትንም ይጨምራል።

## ክፍል ሁለት
## ስለማህበራት አመሰራረት

**፬. ስለማህበራት አመሰራረትና አባላቱ**

፩) በባህላዊ መስኖ የመስኖ ውኃ ተጠቃሚዎች ማኅበር ማደራጀት የሚቻለዉ ማህበራቱ ከአንድ የመስኖ ውኃ ሥርዓት ወይም አቅርቦት የሚጠቀሙ ከሆነ ነው፤

፪) በጥቃቅን መስኖ ላይ የመስኖ ውኃ ተጠቃሚዎች ማኅበር ማደራጀት የሚቻለው አምስትና ከዚያ በላይ የመስኖ ውኃ ተጠቃሚ አባላት ሲኖራቸው ነው፤

፫) በአነስተኛ መስኖ ለይ አንድ የመስኖ ውኃ ተጠቃሚዎች ማህበር ሊደራጅ ይችላል፤



10) “Pump Irrigation” Means a method of irrigation carried out by pushing the water from the source found at low land areas towards high land areas by using motor power and pumps, benzene and electric power and developing irrigation by reaching the land to be developed.

11) “Person” Means natural or a juridical person.

12) “Association” Means an irrigation water users’ association established and registered in accordance with article 8 and 9 of the proclamation.

13) “Proclamation” Means Proclamation to Determine Oromia Regional State Irrigation Water Users Association No 204/2017.

**3. Gender Reference**

In this regulation, any expression in the masculine gender includes the feminine.

## Part Two
## Establishment of Irrigation Water Users Associations

**4. Regarding Establishment and Members of the Associations**

1) Establishment of Irrigation Water Users Association on traditional irrigation is possible where this users use from one irrigation water supply;

2) Establishment of Irrigation Water Users Association on micro irrigation is possible where the users contain five or more members;

3) An Irrigation Water Users Association may be established on smaller irrigation;

4) Waldaaleen miseensota shanii hanga kudhanii qaban koree hojii rawwachiistuu miseensa sadii fi koree to'annoo miseensa sadii qabu hundeessuu ni danda'u.

5) Keewwata kana keewwata xiqqaa 4 jalatti kan tumame jiraatuyyuu, waldaaleen miseensa shan qofa qaban koree hojii raawwachiistuu miseensa sadii fi koree to'annaa miseensa tokko qabu hundeessuu ni danda'u.

6) Jallisii giddugaleessa irratti, baay'ina fayyadamtootaa, bal'ina lafaa fi haala qabatama naannoo sanii irratti hundaa'uun waldaa lamaa fi isaa ol hundeessuun ni danda'ama.

7) Jallisii gurguddaa irratti baay'ina fayyadamtootaa, bal'ina lafaa fi haala qabatama naannoo irratti hundaa'uun waldaa kudhanii fi isaa oliin hundaa'uu ni danda'u.

8) Jallisii Paampii irratti Waldaaleen hundaa'uu kan danda'an:

(a) Paampii Mootoraa xixiqqaa tokkoo fi isaa ol yoo qabaatanii fi itti fayyadamtoonni nama shanii fi isaa ol yoo ta'an; yookiin

(b) Paampii mootoraa xixiqqaa namoonni dhuunfaan madda lagaa tokko irraa fayyadamanii fi ooyiruun isaani walitti aanee jiru misoomsan; yookiin

(c) Paampii mootoraa gurguddaa fayyadamuun bu'uuraaleen misooma jallisii irratti kan hojjatan yoo ta'eedha.

፬) ከአምስት እስከ አስር አባላት ያላቸዉ ማህበራት ሦስት አባለት ባሉት ሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴ እና ሦስት አባላት ባሉት ቁጥጥር ኮሚቴ መደራጀት ይችላሉ፤

፭) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፬ ስር የተደነገገው ቢኖርም አምስት አባላት ብቻ ያለው ማኅበር ሦስት አባላት ያሉት ሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴና አንድ አባል ያለዉ ቁጥጥር ኮሚቴ ኖሯቸው በማህበር ማደራጀት ይችላሉ፤

፮) በመካከለኛ መስኖ ልማት አውታሮች ላይ የመስኖ ውኃ ተጠቃሚዎች ማህበር የተጠቃሚዎች ብዘትን፤ የመሬት ስፋት እና አንደ አከባቢው ተጨባጭ ሁኔታ ላይ በመመስረት ሁለት እና ከዚያ በላይ ማኅበራት ሊደራጁ ይችላሉ፤

፯) በትላልቅ የመስኖ ልማት አውታሮች ላይ የመስኖ ውኃ ተጠቃሚዎች ማህበር የተጠቃሚዎች ብዘትን፤ የመሬት ስፋትና እንደ አከባቢው ተጨባጭ ሁኔታ ላይ በመመስረት አሥር እና ከዚያ በላይ ማህበራት ልደራጁ ይችላሉ፤

፰) በፓምፕ መስኖ ላይ ማህበራት መዳራጀት የሚችሉት፡-

(ሀ) ከአንድና ከዚያ በላይ ጥቃቅን የሞተር ፓምፖች ካላቸው እና ተጠቃሚዎቹ አምስትና ከዚያ በላይ ከሆኑ፤

(ለ) ከአንድ ወንዝ ምንጭ የበግል በጥቃቅን የሞተር ፓምፖች በመጠቀም ኩታ ገጠም የእርሻ መሬታቸውን የሚያላሙ ከሆነ፤ ወይም

(ሐ) በትላልቅ የሞተር ፓምፕ በመጠቀም በመስኖ እና ድሬኔጅ አውታሮች ላይ የሚሰሩ ከሆነ ነው፡፡

4) Associations having 5-10 members may form executive committee having with 3 members and control committee having 3 members;

5) Notwithstanding to the provision stipulated under sub-article 4 of this article Associations having only 5 members may form executive committee having with 3 members and control committee having 1 member;

6) Two or more Associations may be established on a medium level irrigation depending on the number of users, size of the land and the actual situation of the area;

7) Ten or more Associations may be established on larger irrigation depending on the number of users, size of the land and the actual situation of the area;

8) Associations may be established on pump irrigation:

(a) Where they have one or more small motor pump and the users are 5 and more persons;

(b) Where small motor pump is developed by persons using from one water source and having the land bound each other; or

(c) Where on large water pumps on which irrigation water development infrastructures are done.

**5. Qabiyyee Iyyata Hundeeffama Waldaalee Itti Fayyadamtoota Bishaan Jallisii**

1) Iyyatni waldaa hundeessuuf barbaachisu, Koree hundeessituu Biirichaatiin Hundaa'uun kan qophaa'u ta'ee, qabiyyee armaan gadii guuttachuu qaba:

(a) Maqaa guutuu miseensota waldichaa, mallattoo fi guyyaa itti mallatteessan;
(b) Teessoo tokko tokkoo miseensota waldichaa;
(c) Bal'ina qabiyyee lafaa tokko tokkoo miseensota waldichaa;
(d) Lakkoofsa Waraqaa ragaa abbaa qabiyyee lafaa tokko tokkoo miseensa waldichaa;
(e) Godina, Aanaa fi Gandaa (Araddaa) yookiin maqaa addaa iddoo waldichi itti hojjatu;
(f) Tumaa seeraa Waldichi ittiin hundaa'ee; fi
(g) Maqaa Waldichaa.

2) Unkaan qabiyyeewwan iyyataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti tarreeffaman irratti guutamu Qajeelfama Biirichi baasuun kan murtaa'u ta'a.

**6. Haala Hundeeffama Koree Hundeessituu Waldaa**

1) Namni miseensa Koree Hundeessituu Waldaa ta'uu danda'u nama daangaa bishaan jallisii waldaan irratti gurmaa'uudhaa qabu keessaa mirga qabiyyee lafaa qabu ta'uu qaba.

2) Koreen hundeeffamu hirmaachisaa akka ta'uuf jecha miseensonni korichaa, miseensota daangaa bishaan jallisii gararraa, jidduu fi garjallaa jiran keessaa kan filataman ta'a.

3) Miseensota korichaa filataman keessaa yoo xiqqaate % 30 dubartoota ta'uu qabu.

**፭. የመስኖ ተጠቃሚዎች ማህበራት የማቋቋም ማመልከቻ ይዘት**

፩) ማህበርን ለማቋቋም የሚያስፈልገው በቢሮዉ በሚቋቋመው የመሥራች ኮሚቴ የሚዘጋጅ ሆኖ የሚከተሉትን ማካተት አለበት፡-

(ሀ) የማህበሩ አባላት ሙሉ ሥም፣ ፍርማ እና የፈረሙበት ቀን፣
(ለ) የእያንዳንዱ የማህበሩ አባል አድራሻ፣
(ሐ) የእያንዳንዱ የማህበሩ አባል የመሬት ይዞታ ስፋት፣
(መ) የእያንዳንዱ የማህበሩ አባል የመሬት ይዞታ የምስክር ወረቀት ቁጥር፣
(ሠ) ማህበሩ የሚሰራበት ዞን፣ ወረዳ፣ ቀበሌ ወይም ልዩ ቦታ፣
(ረ) ማህበሩ የተመሰረተበት የህግ ድንጋጌ፣ እና
(ሰ) የማህበሩ ስም፡፡

፪) በዚህ አንጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ ስር የተዘረዘሩ ጉዳዮች የሚሞሉበት ቅጽ ቢሮዉ በሚያዘጋጃው መመሪያ ውስጥ የሚገለጽ ይሆናል፡፡

**፮. ስለማህበሩ መሥራች ኮሚቴ አመሰራረት**

፩) የማኅበሩ መሥራች ኮሚቴ አባል መሆን የሚችል ሰው ማህበሩ የሚመሰረትበት ክልል ውስጥ የመሬት ይዞታ መብት ያለው መሆን አለበት፡፡

፪) የሚመሰረተው ኮሚቴ አሳታፊ እንዲሆን ሲባል የማህበሩ አባላት የሚመረጡት ከላይ፣ ከመካከለኛው እና ከታችኛው የመስኖ ውሃ ተፋሰስ ይሆናል፡፡

፫) ከሚመረጡ የኮሚቴው አባላት ውስጥ ብያንስ ፴ በመቶ ሴቶች መሆን አለባቸው፡፡

**5. Content of application of irrigation users associations**

1) Application necessary to establish association shall be established and prepared establishment committee of the Bureau; and shall include the following content:

(a) Full name, signature of the members of the association and the date members have signed;
(b) Address of every members of the association;
(c) Size of the land possession of every member of the association;
(d) Number of the land possession certificate of every member of the association;
(e) The Zone, District, Village or the special name of the place where the association works;
(f) The legal provision of establishment of the association; and
(g) Name of the association.

2) The format on which possessions of the applicant specified under sub article 1 of this article are filled shall be expressed in the directive to be issued by the Bureau.

**6. Establishment of Founders committee of the Association**

1) A person to be a member of founders committee of association shall be a Person possessing land located in the boundary where the association the association is formed;

2) For the committee to be participatory, members of such committee shall be selected from upper, middle and lower riparian of the irrigation water;

3) At least 30% of the selected members of the founders committee shall be females;

4) Korichi moodeela dambii ittiin bulmaata waldaa Biirichi qopheessu irratti hundaa'uun dambii ittiin bulmaata keessoo isaa baafachuun yaa'ii waliigalaatiif dhiyeessuun mirkaneessisuun hojii waldichaa kan gaggeessu ta'a.
5) Korichi yaa'ii waliigalaa hundeeffama waldichaa waamuun koree hojii raawachiiftuu, koree to'annoo fi koree waldhabiinsa hiiku filachiisuun yeroo hojii isaa ni xumura.

**7. Iyyata Galmee Waldaa**

Bu'uura Labsicha keewwata 8 (1) tiin waldaan hundeeffame kamiyyuu haala unka Biirichi qopheessuun iyyachuun galmaa'ee beekamtii seera argachuu qaba.

**8. Waraqaa Ragaa Galmee Waldaa**

Bu'uura Labsicha keewwata 10 (7) tiin waldaan galmaa'e kamiyyuu waraqaan ragaa qaama seerummaa Biirichi qopheesse argachuu qaba.

**9. Hundeeffama Waldaa Keessatti Gahee Biirichaa**

1) Gaheen Labsii keessatti tumame akkuma jirutti ta'ee Biirichi haala Waldaaleen itti gurmaa'anii fi hojjatan irratti:
   (a) Hojimaata ni diriirsa;
   (b) Qajeelfama ni qopheessa;
   (c) Moodeela dambii ittiin bulmaataa ni qopheessa;
   (d) Leenjii ni kenna;
   (e) Ol'iyyannoo ilaaluun murtii ni kenna;
   (f) To'annoo fi deegarsaa teknikaa ni kenna;
   (g) Herrega waldichaa odiitii ni taasisa yookiin qaama seera qabeessa ta'een odiitii akka ta'u ni taasisa; Godinaaleen hojiicha akka raawwataaniif bakka bu'iinsa ni kenna.

፬) ኮሚቴው ቢሮ በሚያዘጋጀው ሞዴል መተዳደሪያ ደንብ መሠረት በማድረግ የውስጥ መተዳደርያ ደንብ በማዘጋጀትና ለጠቅላለ ጉባኤ ቀርቦ ከስጸደቀ በኃላ የማህበሩን ሥራ የሚመሩበት ይሆናል፡፡
፭) ኮሚቴው የማህበሩ መመስረቻ ጠቅላለ ጉባኤን በመጥራት የሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴ፤ የቁጥጥር ኮሚቴ እና ያለመግባባት ፈቺ ኮሚቴዎችን በማስመረጥ የሥራ ጊዜውን ያጠናቅቃል፡፡

**፯. የማህበራት መመዝገቢያ ማመልከቻ**

በአዋጁ አንቀጽ ፰ ንዑስ አንቀጽ ፩ መሰረት የተመሰረተ ማንኛውም ማህበር ቢሮዉ በሚያዘጋጀዉ ቅጽ መሠረት ተመዝግቦ ሕጋዊ እውቅና ማግኘት አለበት፡፡

**፰. የማህበራት መመዝገቢያ የምሥክር ወረቀት**

በአዋጁ አንቀጽ ፲ ንዑስ አንቀጽ ፯ መሠረት የተመዘገበ ማንኛውም ማህበር ባለሥልጣኑ ያዘጋጀውን ሕጋዊ የሰውነት የምሥክር ወረቀት ማግኘት አለበት፡፡

**፱. በማህበራት አመሰራረት የቢሮዉ ድርሻ**

፩) በአዋጁ ውስጥ የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ የክልል ቢሮ ማህበራት የሚደራጁበትንና የሚሰሩበት ሁኔታ አስመልክቶ፦
   (ሀ) አሠራርን ይዘረጋል
   (ለ) መመሪያ ያዘጋጃል
   (ሐ) የመተዳደሪያ ሞዴል ደንብ ያዘጋጃል
   (መ) ሥልጠና ይሰጣል
   (ሠ) ይግባኝ በማየት ውሳኔ ይሰጣል
   (ረ) ቁጥጥር ያደርጋል፤ የቴክኒክ ድጋፍ ይሰጣል፤
   (ሰ) የማህበሩን ሂሳብ ኦዲት ያደርጋል፤ ሕጋዊ ሰውነት ባለቸዉ ካላት ኦዲት ያስደርጋል፤ኦዲት እንዲያደርጉ ለዞኖች ውክልና ይሰጣል፡፡

4) The committee shall perform duties of the association by issuing and causing to be approved by General meeting its internal regulation based on the model regulation to be prepared by the Bureau;
5) The founders committee shall conduct founders meeting to elect the management committee, control committee and dispute settlement committee of the association; and complete its working period.

**7. Application of an Association for Registration**

Any association which is established shall apply Based on the format prepared by the Bureau and register to get legal personality in accordance with article 8 sub 1 of the Proclamation.

**8. Certificate of Registration of Association**

Any association which is registered in accordance with article 10 sub article 7 of the Proclamation shall get the certificate of legal personality prepared by the Authority.

**9. The Role of the Bureau in the Establishment of Associations**

1) Without prejudice to its duty provided in the proclamation, the Regional Bureau shall on the organization and work of the association:-
   (a) Extend work procedure;
   (b) Prepare directive;
   (c) Prepare model of administration Regulation;
   (d) Provide training;
   (e) Examine and Decide on an appeal;
   (f) Control and provide technical support;
   (g) Aaudit the account of the association; cause to be audited by lawful bodies; give delegation to the Zones to perform such activity.

2) Waajjirri Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa Godinichaa haala waldaaleen itti gurmaa'anii fi hojjatan irratti:

(a) Seeraa fi hojimaata eeguudhaan Waajjira Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa Aanaalee fi waldaaleef to'annoo fi deegarsa ni taasiisa;

(b) Waldaalee ni galmeessa;

(c) Leenjii ni kenna;

(d) Waraqaa ragaa qaama seerumma ni kenna;

(e) Raawwii hojii waldaalee ni hordofa;

(f) Haala qabiinsa herrega waldaalee irratti to'annoo fi deeggarsa ni taasisa;

(g) Biirichi bakka bu'ummaa yoo kenneef odiitii qabeenyaa fi herregaa ni taasisa.

3) Waajjira Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa Aanaa haala waldaaleen itti gurmaa'anii fi hojjatan irratti:

(a) Seeraa fi hojimaata eeguudhaan namoota miseensa waldaa ta'uu danda'an adda baasuun ni mariisisa;

(b) Koree hundeessituu waldaa ni filachiisa; ni gurmeessa;

(c) Leenjii barbachiisa ta'e ni kenna;

(d) To'annoo fi hordoffii ni gaggeessa; deeggarsa ni taasisa;

(e) Tarkaanfii sirreffamaa ni fudhata; akka fudhatamus ni taasisa;

(f) Waraqaa ragaa qaama seerummaa akka argatan ni deeggara;

(g) Karooraa fi raawwii hojii isaanii ni deeggara; ni hordofa;

(h) Haala qabiinsa herregaa fi qabeenya waldaa ni hordofa; ni deeggara;

(i) Seeronnii fi dambiin ittiin bulmaata waldaalee kabajamuu isaa ni hordofa; deeggarsa tekinikaa ni kenna.

፪) የዞን እርሻ እና ተፈጥሮ ሀብት ጽ/ቤት ማህበራት የሚደራጁበትንና የሚሰሩበት ሁኔታን አስመልክቶ፡-

(ሀ) ሕግ እና አሰራርን በመጠበቅ ለወረዳዎችና ለማኅበራት ክትትልና ድጋፍ ያደርጋል፤

(ለ) ማህበራትን ይመዘግባል፤

(ሐ) ሥልጠና ይሰጣል፤

(መ) የሕጋዊ ሰውነት ማረጋገጫ የምስክር ወረቀት ይሰጣል፤

(ሠ) የማህበራትን የሥራ አፈጻጸም ይከታተላል፤

(ረ) የማህበሩን ሂሳብ አያያዝ ይቆጣጠራል፤ ድጋፍ ያደርጋል፤

(ሰ) ቢሮዉ በሚሰጠው ውክልና መሠረት የንብረት እና የሂሳብ ኦዲት ያደርጋል፡፡

፫) ማህበራት የሚደራጁበትንና የሚሰሩበትን ሁኔታ አስመልክቶ የወረዳ እርሻ እና ተፈጥሮ ሀብት ጽ/ቤት ፡-

(ሀ) ሕግና አሠራርን በመጠበቅ የማህበር አባል ሊሆኑ የሚችሉትን በመለየት ያወያያል፤

(ለ) የማህበር አደራጅ ኮሚቴ ያስመርጣል ያደራጃል፤

(ሐ) አስፈላጊውን ሥልጠና ይሰጣል፤

(መ) ክትትል፤ ቁጥጥር እና ድጋፍ ያደርጋል፤

(ሠ) የእርምት እርምጃ ይወስዳል፤እንዲወሰድም ያደርጋል፤

(ረ) ሕጋዊ የሰውነት ማራጋገጫ የምስክር ወረቀት እንዲያገኙ ይደግፋል፤

(ሰ) የሥራቸውን ዕቅድ እና ከንውን ይከታተላል፤ ይደግፋል፤

(ሸ) የማህበሩን ሂሳብ እና የንብረት አያያዝ ቁጥጥር ይከታተላል፤ ይደግፋል፤

(ቀ) የማህበሩ ሕግ እና ደንብ መከበሩን ይከታተላል፤የሙያ ድጋፍ ይሰጣል፡፡

2) The Zonal Office shall on the organization and work of Associations:

(a) Make control and support to districts and associations on the basis of law and practice;

(b) Register associations;

(c) provide trainings;

(d) Provide certificate of legal personality;

(e) Follow up work performance of associations;

(f) Provide control and support to the associations on financial management.

(g) Make property and financial audit where the Region delegates it.

3) The district office shall on the organization and work of Associations:

(a) Identify the consult persons who can be members of the association on the bases of law and practice;

(b) Cause the selection of founders committee and oorganize same;

(c) Provide necessary training;

(d) Conduct, control and following-up; provide support;

(e) Take or cause to be taken corrective measures;

(f) Support them to get Certificate of legal personality;

(g) Support and follow up their plan and work performance;

(h) Follow-up and support the financial and property management of the Association;

(i) Follow-up and the respect of the laws administration regulations; provide technical support.

4) Biirichaa fi caasaan isaa sadarkaan jiru dubartoota, qaama miidhamtootaa fi dargaggoota itti fayyadamtoota misooma jallisii ta'aniif dandeettii cimsuu irraatti haala mijaa'aa ni uuma.

5) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1(g) jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, Waldaan ofii isaatiin qaama seera qabeessa ta'een oditii taasisuu ni danda'a.

6) Waldaan bu'uura misooma jallisii daangaa tajaajila isaa keessatti argamuu fi sadarkaa isaanitti suphamuu danda'u ni supha.

## Kutaa Sadii
## Aangoo fi Hojii Qaama Raawwachiiftuu Waldichaa

**10. Aangoo fi Hojii Yaa'ii Waliigalaa**

Yaa'iin waliigalaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Karoora hojii fi baajata waggaa waldichaa ni mirkaneessa.

2) Qaama hojii gaggeessaa, koree to'annoo, koree waldhabiinsa hiikuu fi miseensa koreewwan xixiqqaa waldichaa ni muuda; aangoo irraas ni buusa.

3) Dambii ittiin bulmaata waldichaa fi dambii keessaa ni mirkaneessa; ni fooyyessa.

4) Kaffaltiiwwan miseensaan kaffalaman, buusii fi hanga adabbii ni murteessa.

5) Ibsa galii fi baasii waggaa, qabeenyaa fi idaa waldichaa, akkasumas, gabaasa qaama hojii raawwachiiftuu waggaa ni mirkaneessa.

6) Waldicha irra deebi'anii gurmeessuuf murteessuu yookiin herrega waldichaa qulqulleessuuf murtiiwwan barbaachisaa ta'an ni murteessa.

፬) ቢሮዉና በየደረጃው የሚገኙ መዋቅር የመስኖ ውኃ ተጠቃሚዎች ማህበር አባላት ለሆኑ ሴቶች፣ አካል ጉዳተኞች እና ወጣቶች አቅም ግንባታ ላይ ምቹ ሁኔታ ይፈጥራል፡፡

፭) በዚህ አንቀጽ ፱ ንዑስ አንቀጽ 1(ሰ) እንደተጠበቀ ሆኖ ማህበሩ በራሱ ተነሳሽነት ሕገዊ ሰውነት ባለው አካል ኦዲት ማስደረግ ይችላል፡፡

፮) ማህበሩ በአገልግሎት ክልሉ ውስጥ የሚገኙና በርሱ ደረጃ ሊጠገኑ የሚችሉ የመስኖ መሰረተ ልማቶችን ይጠግናል፡፡

## ክፍል ሶስት
## የማህበሩ ሥራ አስፈጻሚ አካል ሥልጣንና ተግባር

**፲. የጠቅላላ ጉባኤው ሥልጣንና ተግባር**

ጠቅላላ ጉባኤው የሚከተሉት ስልጣን እና ተግባር ይኖረዋል፡-

፩) የማህበሩን አመታዊ የሥራ እቅድ እና በጀት ያጸድቃል፤

፪) የማህበሩን ሥራ አስኪያጅ፤ ቁጥጥር ኮሚቴ፣ ግጭት ፈቺ ኮሚቴ እና ትናንሽ ኮሚቴዎች አባላት ይሾማል፤ይሽራል፤

፫) የማህበሩን የመተዳደሪያ ደንብ እና የውስጥ ደንብ ያጸድቃል ያሻሽላል፤

፬) በማህበሩ አባላት የሚከፈሉትን ክፍያዎች እና የቅጣት መጠን ይወስናል፤

፭) የገቢ መግለጫ እና ዓመታዊ ወጪ፣ የማህበሩን ሐብት እና እዳ እንዲሁም ዓመታዊ የሥራ አስፈጻሚ አካል ሪፖርት ያጸድቃል፤

፮) ማህበሩን እንደገና ለማደራጀት መወሰን ወይም የማህበሩን ሂሳብ ለማጣራት አስፈላጊውን ውሳኔ ይወስናል፤

4) The Bureau shall facilitate conditions for capacity building of women, persons with disabilities and the youth who are beneficiaries of irrigation development;

5) Without prejudice to the provision under sub-article 1 (g) of this article, an association may make audit in itself by the lawfull bodies;

6) The Association may maintain the infrastructure of irrigation which is found in its service territory and that can be maintained at its level.

## Part Three
## Power and Duties of the Executive Bodies of the Association

**10. Power and Duties of the General Assembly**

The General Assembly shall have the following power and duties:

1) Approve the annual work plan and budget of the association;

2) Appoint and remove the members of the management body, control committee, dispute settlement committee and members of other subcommittees;

3) Approve or amend the administration regulation and internal regulations of the associations;

4) Determine the amount of payments of the members, contributions and gravity penalty;

5) Approve the annual income and expenditure, property and liability of the Associations; as well as the annual report of executive body of the associations;

6) Give decisions for the re-organization or liquidation of account of the association;

7) Qabeenya waldichaa bu’uuraalee misooma jallisii fi qoorsa lafaa irraa kan hafe kamiyyuu gurguruu, bituu, haala itti qabeenyi qabsiifamu, investimentii, liqii liqeefachuu yookiin idaa waldichi qabuu fi kan kana fakkaatu irratti daangaa ni murteessa.

8) Bu’uura dambii ittiin bulmaata waldichaatiin waliigalteewwan gatii murtaa’ee ol irratti raawwataman yookiin waldichaaf faayidaa ol’aanaa qaban ni mirkaneessa.

9) Dhimmoota koree hojii raawwachiiftuu fi koreewwan adda addaatiin dhiyaatan ilaaluun ni murteessa.

10) Hojjattoota hojiif qaxaramuu qaban ni murteessa; adabbii fi tarkaanfii koreen hojii raawwachiiftuu fudhate ni mirkaneessa.

## 11. Aangoo fi Hojii Koree Hojii Raawwachiiftuu

1) Aangoo fi hojiin Labsicha keessatti kennameef akkuma jirutti ta’ee, Koreen hojii raawwachiiftuu aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

(a) Murtii yaa’ii waliigalaatiin murtaa’e ni raawwachiisa.

(b) Bu’uura Labsichaa, dambii kanaa, qajeelfamaa fi dambii ittiin bulmaata waldichaatiin murtiiwwan bulchiinsaa ni dabarsa.

(c) Karoora hojii fi baajata waldichaa ni qopheessa; yeroo hayyamamus hojiirra ni oolcha.

(d) Walgahii yaa’ii waliigalaatiif ajandaa marii ni qopheessa.

(e) Haala dambii ittiin bulmaata waldicha keessatti murtaa’een yaa’ii waliigalaa ni waama.

(f) Qaboo yaa’ii walgahii yaa’ii waliigalaa barreeffamaan ni qaba.

፯) የማህበሩን ንብረት፣ የመስኖ ልማት እና ድሬኔጅ አውታሮች በስተቀር ማንኛውንም መሸጥ፣ መግዛት፣ ንብረት የማስያዝ ሁኔታን፣ ኢንቨስትመንት፣ ብድር መበደር፣ ወይም ማህበሩ ያለ እዳ እና የመሳሰሉት ላይ ገደብ ይወስናል፤

፰) በማህበሩ መተዳደሪያ ደንብ መሰረት ከተወሰነው ገደብ በላይ የሚከናወኑ ወይም ለማህበሩ ከፍተኛ ጥቅም ያላቸው ውሎችን ያጸድቃል፤

፱) በሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴ እና በተለያዩ ኮሚቴ የቀረቡትን ጉዳዮች በማየት ይወስናል፤

፲) ለሥራ መቀጠር ያለባቸውን ሠራተኞች ይወስናል፣የሥራ አስፈጻሚው ኮሚቴ የወሰደውን ቅጣት እና እርምጃ ያጸድቃል፡፡

## ፲፩. የሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴ ሥልጣንና ተግባር

፩) በአዋጁ ውስጥ የተሰጠው ሥልጣንና ተግባር እንደተጠበቀ ሆኖ የሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴው የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

(ሀ) በጠቅላላ ጉባኤው የተወሰነውን ውሳኔ ያስፈጽማል፤

(ለ) በአዋጁ፤ በዚህ ደንብ እና በማኅበሩ መተዳደሪያ ደንብ አስተዳደራዊ ውሳኔ ያስተላልፋል

(ሐ) የማህበሩን የሥራ እና የበጀት እቅድ ያዘጋጃል፣ ሲፈቀድም በሥራ ላይ ያውላል፤

(መ) ለጠቅላላው ጉባኤ ስብሰባ የመወያያል፤ አጀንዳን ያዘጋጃል፤

(ሠ) በማህበሩ መተዳድሪያ ደንብ መሰረት ጠቅላላ ጉባኤ ይጠራል፤

(ረ) በጠቅላላ ጉባኤው ላይ ቃለ ጉባኤን በጽሑፍ ይይዛሉ፤

7) Determine limitation on the sale, purchase, mortgaging, invest, borrow or keep liability of the Association and the likes of any property the association which left, from irrigation infrastructure and land drainage;

8) Approve contracts concluded beyond the determined price or have greater value of the association;

9) Examine and ddecide on issue of executive committee and issues submitted by different committees;

10) Determine the employees to be employed; the penalties and measures taken by the executive committee.

## 11. Power and Duties of the Executive Committee

1) Without prejudice to the power and duties vested in it by the proclamation, the executive Committee shall have the following power and duties:

(a) Cause the implementation of the decision passed by the general Assembly;

(b) In accordance with the proclamation, this regulation and administrative Regulation of the Association pass administrative decisions

(c) Prepare the work and budget plan of the association and implement it upon its approval;

(d) Prepare Agenda for the meeting of the general assembly;

(e) Call meeting of General Assembly as determined in the administration regulation;

(f) Record in writing the Agenda of meeting of the General Assembly;

(g) Gabaasa raawwii hojii fi baajataa yaa'ii waliigalaatiif ni dhiyeessa.
(h) Galmeewwanii fi herrega waldichaa seeraan ni qaba.
(i) Hojiiwwan biroo dambii ittiin bulmaataatiin yookiin yaa'ii waliigalaatiin murtaa'an ni raawwata; ni raawwachiisa.

2) Qaamni murtii bulchiinsaa koreen hojii raawwachiiftuu dabarsu irratti komii qabu guyyaa murtiin kenname irraa eegalee guyyoota hojii kudhan keessatti komii isaa barreeffamaan koree waldhabiinsa hiikuuf dhiyeeffachuu qaba.

## 12. Aangoo fi Hojii Koree To'annoo

Koreen to'annoo waldaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Waggaatti yoo xiqqate yeroo lama:
(a) Ibsa qabeenyaa fi idaa;
(b) Sakatta'iinsa galmee herregaa; fi
(c) Tartiiba herrega baankii walitti araarsuu ni raawwaata; to'annoo ni gaggeessa.

2) Yaa'iin waliigalaa yookiin miseensa koree hojii raawwachiiftuu 2/3 gadi hin taane yoo murteesse sakatta'iinsa hojii fi to'annoo dabalataa ni gaggeessa.

3) Hojimaata sirrii hin taane hordofuun rakkoon jiraachuu ragaa agarsiisu yoo argate hatattamaan koreen hojii raawachiiftuu akka sirreessu ni taasisa.

4) Koreen hojii raawwachiiftuu sirreeffama barbaachiisu yoo hin fudhanne ta'e tarkaanfii sirreeffamaa akka fudhatuuf yaa'iin waliigalaa akka wamamu ni taasisa.

5) Koreen hojii raawwachiiftuu gahee hojii isaanii sirriitti bahuu isaanii ni hordofa.

6) Gabaasa to'annoo hojii fiiziikaalaa fi odiitii yaa'ii waliigalaatiif ni dhiyeessa.

(ሰ) የሥራን እና የበጀት አፈጻጸምን ሪፖርት ለጠቅላላ ጉባኤው ያቀርባል፤
(ሸ) የማህበሩ ማዛግብን እና በጀት በስነ-ሥርዓት ይይዛል፤
(ቀ) በመተዳደሪያ ደንቡ ወይም በጠቅላላ ጉባኤው የተወሰኑትን ሌሎች ሥራዎች ይፈጽማል፣ ያስፈጽማል፡፡

፪) የሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴ በሚሰጠው ውሳኔ ቅር የተሰኘ አካል ውሳኔው ከተሰጠበት ቀን ጀምሮ በ፲ የሥራ ቀናት ውስጥ ቅሬታውን በጽሑፍ ለአለመግባባት ፈቺ ኮሚቴ ማቅረብ አለበት፡፡

## ፲፪. የቁጥጥር ኮሚቴ ስልጣንና ተግባር

የማህበሩ ቁጥጥር ኮሚቴ የሚከተሉት ስልጣንና ተግባራት ይኖረዋል፡-

፩) ቢያንስ በዓመት ሁለት ጊዜ፡-
(ሀ) የንብረት እና የእዳ መግለጫ፣
(ለ) የሒሳብ መዝገብ ክትትል፣
(ሐ) ከባንክ ሒሳብ ጋር በቅደም ተከተል አንድ ላይ ማስታረቅን ይፋጽማል፤ ቁጥጥር ያካሂዳል፡፡

፪) በጠቅላላ ጉባኤ ወይም ሥራ በአስፈጻሚ ኮሚቴው ከ 2/3 በታች ባልሆነ ድምጽ ከተወሰነ የሥራ ምርመራና ተጨማሪ ቁጥጥር ያካሂዳል፤

፫) የቁጥጥር ኮሚቴው ትክክለኛ አሰራር እንዳልሆነ በመከታተል የሚያሳየውን መረጃ ካገኘ ሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴው በአፋጣኝ እንዲያስተካክለው ያደርጋል፤

፬) ሥራ አስፈጻሚው ኮሚቴ ተክክለኛውን ማስተካከያ ካልወሰደ የእርምት እርምጃ እንዲወስድ ጠቅላላ ጉባኤው እንዲጠራ ያደርጋል፤

፭) የሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴው የሥራ ድርሻቸውን በትክክል እየተወጡ መሆናቸውን ይከታተላል፤

፮) የፊዚካል ሥራ እና የኦዲት ሥራ ሪፖርት ለጠቅላላ ጉባኤው ያቀርባል፤

(g) Present the Work and Budget Performance Report to the General Assembly;
(h) Maintain the books of accounts and finance of the association legally;
(i) Perform or cause the performance of other activities determined in by the administration regulation or the general assembly.

2) The body aggrieved of the administrative decision of the executive Committee may summit its claim to dispute settlement committee in writing within 10 working days as of the date of the decision.

## 12. Power and Duties of the Control Committee

The control Committee shall have the following power and duties:

1) The control Committee shall perform:
(a) Explanation of property and liability;
(b) Financial investigation; and
(c) Balancing of bank account and conducts control.

2) Conduct additional investigation and control of activities where this decided by the General Assembly or not less than 2/3 members of the executive Committee.

3) Where it finds wrong work practices it cause to be corrected by the executive committee immediately.

4) Where the executive committee unable to make necessary correction it shall make the general assembly to be called to take corrective measure;

5) Follow-up that the executive committee perform their duties effectively; shall submit control of physical work and audit report to the general assembly;

6) Submit an annual physical work and audit report to the general assembly.

7) Dura taa'aan koree to'annoo walgahii koree hojii rawwachiiftuu kamirrattuu taajjabdummadhaaf sagalee malee ni hirmaata.

8) Barreessaan koree to'annoo qaboo yaa'ii fi murtii koreen to'annoo dabarsu yeroo yeroon galmee qaboo yaa'ii irratti ni qaba.

9) Hojiiwwan walfakkaatan biroo yaa'ii waliigalaan kennamuuf ni raawwata.

**13. Aangoo fi Hojii Koree Waldhabiinsa Hiikuu**

Aangoo fi hojii, akkasumas sirni hojimaata korichaa Labsicha keewwata 43 jalatti akkaataa tarreeffameen kan raawwatamu ta'a.

## Kutaa Afur
## Haala Raawwii Kaffaltii Adda Addaa

**14. Haala Raawwii Kaffaltii Galmee Miseensummaa**

1) Hangi kaffaltii galmee miseensummaa akkaataa Labsicha keewwata 17 tiin kan raawwatamu ta'ee, tarreeffamni isaa dambii ittiin bulmaata keessoo waldichaatiin kan murtaa'u ta'a.

2) Kaffaltiin galmee miseensummaa nagahee maqaa waldichaatiin maxxanfameen kan sassaabamu ta'a.

3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan tumame jiraatuyyuu kaffaltiin galmee miseensummaa hanga nagaheen maqaa waldichaatiin maxxanfamutti yeroo murtaa'eef galmee kanaaf qophaa'een sassaabamee nagaheen akkuma qophaa'een kutamee nama kaffaltii raawwateef kennamuu qaba.

፯) የቁጥጥር ኮሚቴ ሰብሳቢ በማንኛውም የሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴ ስብሰባ ላይ ለመታዘብ ያለ ድምጽ ይሳተፋል፤

፰) የቁጥጥር ኮሚቴው ጸሓፊ ቃለ ጉባኤን እና ቁጥጥር ኮሚቴው የሚያሳልፈውን ውሳኔ በቃለ ጉባኤው መዝገብ ላይ ይይዛል፤

፱) በጠቅላላ ጉባኤው የሚሰጡትን ሌሎች ተመሳሳይ ሥራዎች ይፈጽማል፡፡

**፲፫. የአለመግባባት ፈቺ ኮሚቴ ስልጣንና ተግባር**

የኮሚቴው ሥልጣንና ተግባር እንዲሁም የአሰራር ሥርዓት በአዋጁ አንቀጽ ፵፫ ስር በተዘረዘሩት መሰረት ይሆናል፡፡

## ክፍል አራት
## የተለያዩ ክፍያዎች አፈጻጸም

**፲፬. ስለ አባልነት መመዝገቢያ ክፍያ አፈጻጸም**

፩) የአባልነት መመዝገቢያ መጠን በአዋጁ አነቀጽ ፲፯ መሰረት የሚፈጸም ኖኖ ዝርዝሩ በማህበሩ የውስጥ መተዳደሪያ ደንብ የሚወሰን ይሆናል፤

፪) የትኛውም የማህበሩ ገቢ በማህበሩ ስም በታተመው ደረሰኝ መሰብሰብ አለበት፣

፫) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፪ የተደነገገው ቢኖርም ለተወሰነ ጊዜ ደረሰኙ በማህበሩ ስም እስከሚታተም ድረስ የአባልነት መመዝገቢያ ክፍያ ለዚሁ በተዘጋጅው መዝገብ ተሰብስቦ ደረሰኙ እንደተዘጋጀ ሊቆረጥበት ይገባል፡፡

7) Chairperson of the Control Committee shall participate without vote on any meeting of the Committee for observation purpose;

8) The Secretary of control committee shall record the minutes and decision of the control committee in the book of minute time to time;

9) Perform other similar duties assigned by General Assembly.

**13. Power and Duties Dispute Settlement Committee**

The power and duties as well as the work procedure of the committee shall be those provided under article 43 of the proclamation.

## Part Four
## Performance of Various Payments

**14. Membership Registration Payment**

1) The amount fee for membership registration made in accordance with article 17 of the proclamation shall be determined by the internal regulation of the association;

2) Payments for registration of membership shall be collected with the receipt printed in the name of the association;

3) Notwithstanding, to the provision under sub article 2 of this article, until the issuance of receipt for membership registration in the name of the association, it shall be collected with the book prepared for such purpose and the receipt shall be given for it.

**15. Haala Raawwii Kaffaltii Buusii Miseensummaa**

Kaffaltiin buusii miseensummaa waldaa bal'ina lafaa irratti hundaa'ee akkaataa armaan gadiitiin kan raawwatamu ta'a:

1) Waldaan tokko jallisii ammayyaa irratti miseensa lafa hektaara 0.25 fi sanaa gadi kan qabu ka'umsaaf waggaatti buusii miseensummaa qarshii shaantama (50.00) kaffalchiisuu kan danda'u ta'ee, kan lafa bal'ina kana ol qabu haala ka'unmsa herrega kanaatiin herreguun kan kaffalchiisu ta'a.
2) Waldichi jallisii Aadaa irratti miseensa lafa hektaara 0.25 fi sanaa gadi qabu ka'umsaaf waggaatti buusii miseensummaa qarshii digdami shan (25.00) kaffalchiisuu kan danda'u ta'ee, kan lafa bal'ina kanaa ol qabu haala ka'unmsa herrega kanaatiin herreguun kan kaffalchiisu ta'a.
3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 fi 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, waldaan galii isaa guddifachuuf kaffaltii ka'umsaaf taa'ee ol murteeffachuu ni danda'a.
4) Waldaan kamiyyuu kaffaltii buusii miseensummaa ka'umsaaf taa'ee gadi kaffalchiisuu hin danda'u.

**16. Kaffaltii Tajaajila Dhiyeessa Bishaan Jallisii Miseensa Waldaatiin Raawwatamu**

Kaffaltiin tajaajila dhiyeessa bishaan jallisii miseensi waldaa tokkoo raawwatu:

1) Jallisii ammayyaa ilaalchisee miseensi lafa hektaara 0.25 fi sanaa gadi qabu kaffaltii tajaajila dhiyeessa bishaan jallisii ka'umsaaf qarshii dhibba tokko (100.00) marsaa oomishaa tokkootti kan kaffalu ta'ee, miseensi lafa bal'ina hektaara 0.25 ol qabu haala ka'umsa herrega kanaatiin herregamee kan kaffalamu ta'a.

**፲፭. ስለአባልነት መዋጮ አፈጻጸም**

የማህበሩ አባልነት መዋጮ አፈጻጸምበመሬት ስፋት ላይ የተመሰረተ ሆኖ አፈጻጸሙ እንደሚከተለው ይሆናል፡-

፩) አንድ ማህበር በዘመናዊ መስኖ 0.25 ሄክታርና ከዚያ በታች ያለው ለመነሻ በዓመት 50 ብር የአባልነት መዋጮ ሊያስከፍል የሚችል ሆኖ ከዚህ በላይ ስፋት መሬት ያለው በዚሁ ስሌት ተሰልቶ የሚከፈል ይሆናል፤
፪) አንድ ማህበር በባህላዊ መስኖ 0.25 ሄክታርና ከዚያ በታች መሬት ያለው ለመነሻ በዓመት 25 ብር የአባልነት መዋጮ ሊያስከፍል የሚችል ሆኖ ከዚህ በላይ ስፋት መሬት ያለው በዚሁ ስሌት መሰረት ተሰልቶ የሚከፈል ይሆናል፤
፫) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፩) እና (፪) ስር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ማህበሩ ገቢውን ለማሳደግ ለመነሻ ከተወሰነው ክፍያ በላይ ሊወስን ይችላል፤
፬) ማንኛውም ማህበር ለመስኖ ልማት አውታሮች ደህንነት እና ቀጣይነት ሲባል ለመነሻ ከተቀመጠው ክፍያ በታች ማስከፈል የለበትም፡፡

**፲፮. በማህበሩ አባላት የሚከፈል የውኃ አቅርቦት አገልግሎት ክፍያ**

አንድ የማህበር አባል የሚፈጸመው የመስኖ ውኃ አቅርቦት አገልግሎት ክፍያ፡-

፩) ዘመናዊ መስኖን በተመለከተ 0.25 ሄክታርና ከዚያ በታች መሬት ያለው የመስኖ ልማት ውኃ ተጠቃሚ ለመነሻ 100 ብር በአንድ ዙር የምርት ጊዜ የሚከፍል ሆኖ ከዚህ በላይ ስፋት መሬት ያለው በዚሁ ስሌት መሰረት ተሰልቶ የሚከፈል ይሆናል፤

**15. Membership Contribution Payment**

Performance of membership of association contribution Payment shall be implemented as follows depending size of plot of land:

1) An association on modern irrigation which its member has a land with a size of 0.25 and below hectare shall be required initial payment of membership contribution 50 birr annually; and the one having a land above this size shall be paid by calculating in such a way;
2) An association on a traditional irrigation which its member has a land with a size of 0.25 and below hectare shall be required initial payment of membership contribution of 25 birr annually; and the one having a land above this size shall be paid by calculating in such a way;
3) Without prejudice to the provision under sub articles (1) fi (2) of this article, an association may determine more than the amount determined for the initial payment to develop its income;
4) Any association shall not make payment of membership contribution below the amount determined for initial payment.

**16. Charge Paid for Irrigation Water Supply Service by Members of the Association**

Charge Paid for Irrigation Water Supply Service performed by a member of the association:

1) Regarding modern irrigation, a member having a land with a size of 0.25 and below hectare shall pay initial payment of 100 birr for irrigation water supply in one production season; and a member having a land above 0.25 hectare shall pay by calculating in such a way;

2) Jallisii aadaa ilaalchisee miseensi lafa hektaara 0.25 fi sanaa gadi qabu tajaajila dhiyeessa bishaan jallisii ka'umsaaf qarshii shantama (50.00) marsaa oomisha tokkootti kan kaffalu ta'ee, miseensi lafa bal'ina hektaara 0.25 ol qabu haala ka'umsa herrega kanaatiin herregamee kan kaffalamu ta'a.

3) Jallisii paampii ilaalchisee miseensi lafa hektaara 0.25 fi sanaa gadi qabu tajaajila dhiyeessa bishaan jallisii ka'umsaaf qarshii dhibba shan (500.00) marsaa oomishaa tokkootti kan kaffalu ta'ee, miseensi lafa bal'ina hektaara 0.25 ol qabu haala ka'umsa herrega kanaatiin herregamee kan kaffalamu ta'a.

4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 3 jalatti kan tumame jiraatullee haalaa fi amala paampii irratti hundaa'uudhaan waldaan kaffaltii barbaachiisu qoratee murteeffachuu ni danda'a.

5) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 - 3 jalatti kan tumame jiraatullee waldaan kamiyyuu galii isaa guddifachuuf jecha haala gabaa, haala oomishaa fi oomishtummaa, haala nageenya bu'uuralee misooma jallisii fi qoorsa lafaa fi kan kana fakkaatan irratti hunda'uudhaan kaffaltii tajaajila dhiyeessa bishaan jallisii ka'umsaaf taa'ee ol murteeffachuu ni danda'a.

6) Waldaan kamiyyuu, nageenyaa fi itti fufiinsa bu'uuralee misooma jallisii amansiisaa taasisuuf jecha, kaffaltii tajaajila bishaan jallisii ka'umsaaf taa'ee gadi kaffalchiisuu hin danda'u.

፪) ባህላዊ መስኖን በተመለከተ 0.25 ሄክታርና ከዚያ በታች መሬት ያለው የመስኖ ልማት ውኃ ተጠቃሚ ለመነሻ 50 ብር በአንድ የምርት ዙር የሚከፍል ሆኖ ከዚህ በላይ ስፋት መሬት ያለው በዚሁ ስሌት መሰረት ተሰልቶ የሚከፈል ይሆናል፤

፫) የፓምፕ መስኖን በተመለከተ 0.25 ሄክታርና ከዚያ በታች መሬት ያለው የመስኖ ልማት ውኃ ተጠቃሚ ለመነሻ 500 ብር በአንድ ዙር የምርት ጊዜ የሚከፍል ሆኖ ከዚህ በላይ ስፋት መሬት ያለው በዚሁ ሂሳብ ስሌት ተሰልቶ የሚከፈል ይሆናል፤

፬) የዚህ አንቀጽ ንፁስ አንቀጽ ፫ ድንጋጌ እንደተጠበቀ ሆኖ በፓምፑ ሁኔታና ጸባይ ላይ በመመስረት ማህበሩ አስፈላጊውን ክፍያ በማጥናት ሊወስን ይችላል፤

፭) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፩-፫) የተጠቀሰው እንደተጠበቀ ሆኖ ማህበሩ ገቢውን ለማሳደግ ለመነሻ ከተወሰነው ክፍያ እንደ ገበያው ሁኔታ፣ በአከባቢው ምርትና ምርታማነት ሁኔታ፣ በመስኖ ልማት አውታሮች ሁኔታ እና መሬት ማጥፈፍ እና የመሳሰሉት ላይ በመመስረት የውኃ አቅርቦት አገልግሎት ክፍያን ወደ ላይ በማሳደግ መወሰን ይችላሉ፤

፮) ማንኛውም በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፭) የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፤ ማህበር ለመስኖ ልማት አውታሮች ደህንነት እና ቀጣይነት ሲባል ለመነሻ ከተቀመጠው ክፍያ በታች ማስከፈል አይችልም።

2) Regarding traditional irrigation a member having a land with a size of 0.25 and below hectare shall pay initial payment of 50 birr for irrigation water service in one production season; and a member having a land above 0.25 hectare shall pay by calculating in such a way;

3) Regarding motor pump irrigation a member having 0.25 and below hectare shall make initial payment of 500 birr for irrigation water service in one production season; and a member having a land with a size of above 0.25 hectare shall pay by calculating in such a way;

4) Notwithstanding to the provision under sub-article 3 of this article an association may determine the necessary payment depending on the condition and the character of the pump;

5) Notwithstanding to the provisions under sub-articles (1-3) of this article, any association may determine a payment above initial water supply to develop its income depending on production and productivity, security of irrigation water and land drainage development infrastructures and the likes;

6) Any association shall not make to be paid less than the initial irrigation water service in order to make the security and sustainability if irrigation development infrastructures.

**17. Haala Raawwii Maallaqa Ofeeggannoo**

1) Waldaan kamiyyuu maddoota galii Labsicha keewwata 16 1 (b, c, e, f, g) jalatti tarreeffaman irraa galii argatu keessaa % 20 maallaqa ofeeggannoo olkaawwachuu qaba.

2) Maallaqni ofeeggannoo akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin walitti qabame hanga bahii ta'utti herrega baankii maqaa waldichaatiin dhimma kanaaf banametti galii ta'uu qaba.

3) Haalli sochii fi itti fayyadama maallaqa ofeeggannoo dambii ittiin bulmaata waldichaa keessatti kan ibsamu ta'a.

## Kutaa Shan
## Dhimmota Biirichaan Mirkanaa'uu Qaban

**18. Dambii Ittiin Bulmaata Waldichaa Fooyyessuu**

1) Waldaan kamiyyuu dambii ittin bulmaata isaa fooyyeessuu kan danda'u sababa fooyya'iinsi barbaachiseef barreeffamaan ibsuun Biiricha hayyama gaafatee gaaffichi fudhatama yoo argate qofaadha.

2) Biirichi gaaffii waldichi dhiyeesseef guyyaa shanii hanga kudhanii keessatti deebii barreeffamaan kennuu qaba.

**19. Daangaa Tajaajila Waldichaa Fooyyessuu**

Waldaan kamiyyuu daangaa tajaajila waldichaa fooyyessuu kan danda'u:

1) Maddi bishaan jallisii lafa dabalataan misoomsuu danda'u yoo argamee fi fedhiin yoo dhiyaate; yookiin

2) Maddi bishaanii mala teknolojii adda addaan fayyadamuun maddi bishaan jallisii duraan ture lafa dabalataa haalli ittiin misoomsu yoo uumame; yookiin

**፲፯. የመጠባበቂያ ገንዘብ አፈጻጸም**

፩) ማንኛውም ማህበር በአዋጁ አንቀጽ ፲፮ ንዑስ አንቀዕ ፩(ለ፣ሐ፣ሠ፣ረ፣ሰ) ስር ከተዘረዘሩት የገቢ ምንጮች ከሚያገኘው ገቢ 20% ተጠባባቂ ገንዘብ ማስቀመጥ አለበት፤

፪) በዚህ አንቀጽ ንኡስ አንቀጽ ፩ ለመጠባበቂያ የተሰበሰበው ገንዘብ ለዚሁ ጉዳይ በተከፈተው የባንክ ሒሳብ ውስጥ ገቢ መሆን አለበት፤

፫) የመጠባበቂያው ገንዘብ እንቅስቃሴና የአጠቃቀም ሁኔታ በማህበሩ የመተዳደሪያ ደንብ ውስጥ የሚገለጽ ይሆናል።

## ክፍል አምስት
## በቢሮዉ ሊጸድቁ የሚገባቸው ጉዳዮች

**፲፰. የማህበሩን መተዳደሪያ ደንብ ማሻሻል**

፩) ማንኛውም ማህበር የመተዳደሪያ ደንቡን ማሻሻል የሚችለው ማህበሩ በጽሑፍ ያቀረበው ምክንያት በቢሮዉ ታይቶ ተቀባይነት ካገኘ ብቻ ነው።

፪) ቢሮዉ ማህባሩ ላቀረበው ጥያቄ ከ፭-፲ ባሉት ቀናት ውስጥ በጽሑፍ ምላሽ መስጠት አለበት።

**፲፱. የማህበሩን የአገልግሎት ክልል ማሻሻል**

ማንኛውም ማህበር የአገልግሎት ክልሉን ማሻሻል የሚችለው፡-

፩) ተጨማሪ መሬትን ሊያለማ የሚችል የውኃ ምንጭ ከተገኘ እና ፍላጎት ከቀረበ፤ወይም

፪) የውኃው ምንጭ የተለያዩ ቴክኖሎጂዎችን በመጠቀም ተጨማሪ መሬትን የሚያለማበት ሁኔታ ከተፈጠረ፤

**17. Implementation of Reserve fund**

1) Any association shall deposit 20% reserve fund from the income it obtains from the income sources specified under article 16 sub article 1 (b, c, e, f, g) of the proclamation;

2) The reserve fund deposited in accordance with sub article 1 of this article shall be deposited in the bank account opened in the name of the association for such purpose until it is spent;

3) The revolving and utilization of the reserve fund shall be described in the administration regulation.

## Part Five
## Matters to Be Verified By the Bureau

**18. Amendment of Administrative Regulation of the Association**

1) Any association shall amend its administrative regulation only where its reason for amendment submitted in writing is accepted by the Bureau;

2) The Bureau shall give its response in writing within 5-10 days for the request submitted by the association.

**19. Improvement of the Service area of the Association**

Any association may improve the service area of the association:

1) Where a source of irrigation water that can develop additional land is found and a demand is there; or

2) Where a mechanism of making the previous irrigation water source to develop additional land using different technologies is created; or

3) Where the previously existing irrigation water source decreases for various reasons and fail to develop the land it has been developed previously;

3) Maddi bishaan jallisii duraan ture sababa adda addaatiin hir'atee lafa duraan misoomsaa ture misoomsuu yoo dadhabeedha.

4) Waldichi sababoota keewwata kana keewwata xiqqaa 1 - 3 jalatti tumaman irraa kan ka'e daangaa tajaajila isaa fooyyessuu yoo barbaade Waajjira Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa Aanaatiif iyyata barreeffamaan dhiyeeffachuu qaba.

5) Waajjira Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa Aanichaas guyyaa iyyanni isa dhaqqabe irraa eegalee guyyoota walitti aanaanii jiran kudha shan (15) keessatti murtii kennuu qaba.

6) Fedhiin miseensummaa haaraa jallisii aadaa irratti dabalataan yoo dhiyaate akkaataa dambii ittiin bulmaata keessoo waldichaatiin baasii maallaqaa fi humnaa irraa eegamu kan kaffalu ta'ee, Waajjira Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa Aanaatiin yoo mirkanaa'e miseensa waldaa ni ta'a.

## 20. Federeeshinii Hundeessuu

Waldaan itti fayyadamtoota bishaan jallisii lamaa fi isaa ol ta'an dhimmoota armaan gadiitiif jecha Federeeshinii hundeessuu kan danda'an:

1) Waldaan lamaa fi isaa ol madda dhiyeessa bishaan jallisii tokko irraa kan fayyadaman yoo ta'e;

2) Madda dhiyeessa bishaan jallisii tokko irratti itti fayyadamtoota bishaanii irratti waldaa gara olii fi gadii jidduutti walitti bu'iinsa uumamuu danda'u hambisuuf;

3) Bulchiinsaa fi kunuunsa bu'uuraa fi qoorsa lafaa bifa qindaa'een gaggeessuuf federeeshinii hundeessuu ni danda'u.

፫) በፊት የነበረው የውኃ ምንጭ በተለያዩ ምክንያቶች ቀንሶ በፊት የሚያለማውን መሬት ማልማት ሲያቅተው፤

፬) ማህበሩ በዚህ አንቀጽ ንኡስ አንቀጽ ፩-፫ በተደነገገው ምክንያት የአገልግሎት ክልሉን ማሻሻል ከፈለገ ማመልከቻውን ለወረዳው እርሻ እና ተፈጥሮ ሀብት ጽ/ቤት በጽሑፍ ማቅረብ አለበት፤

፭) የወረዳው እርሻ እና ተፈጥሮ ሀብት ጽ/ቤትም ማመልከቻው ከደረሰው ቀን አንስቶ በአሥራ አምስት (፲፭) ተከታታይ ቀናት ውስጥ ውሳኔ መስጠት አለበት፤

፮) በባህላዊ መስኖ ላይ የአዲስ አባልነት ፍላጎት በተጨማሪ ከቀረበ በማህበሩ የውስጥ መተዳደሪያ ደንብ መሰረት የሚጠበቅበትን የገንዘብ እና የጉልበት ክፍያ የሚከፍል ሆኖ በወረዳው የእርሻ እና ተፈጥሮ ሀብት ጽ/ቤት ከጸደቀ የማህበሩ አባል ይሆናል።

## ፳. ፌዴሬሽን ማቋቋም

ሁለት እና ከዚያ በላይ የሚሆኑ የመስኖ ውኃ ተጠቃሚዎች ማህበራት ለሚከተሉት ጉዳዮች ፌደሬሽን መመስረት የሚችሉት፡-

፩) ሁለት እና ክዚያ በላይ የሆኑ ማህበራት ከአንድ የውኃ አቅርቦት ምንጭ የሚጠቀሙ ከሆነ፤

፪) በአንድ የውኃ ምንጭ ላይ በላይኛው እና በታችኛው የውኃ ተጠቃሚ ማህበራት መሃል የሚነሳውን አለመግባባት ለማስቀረት፤

፫) የመስኖ እና ድሬይኔጅ አውታሮችን አስተዳደር እና እንክብካቤ በተቀናጀ መልኩ ለማካሄድ ፌደሬሽን መመስረት ይችላሉ፤

3) Where the water source decreases due to different reasons and unable to develop the land it was used to develop;

4) Where an association wants to reallocate the boundary of its service area for the reasons provided under sub article (1-3) of this article, it shall apply to the District of Agriculture and Natural Resources office in writing;

5) The Agriculture and Natural Resources office shall pass its decision within 15 consecutive days as from the date it receives such application;

6) Where a new interest of membership on traditional irrigation is presented additionally, it shall pay the financial and man power cost expected from him as per the internal regulation of the association; and he shall be member of the association up on approval by the District of Agriculture and Natural Resources office.

## 20. Establishment of Federation

Two or more irrigation water users associations may establish a federation for the following purposes:

1) Where two and above Associations use from the same irrigation water source supply;

2) To avoid the conflict between the upper and lower irrigation water users associations of one irrigation water source supply;

3) To conduct coordinated administration and conservation and land drainage, they may form a federation;

4) Waldaaleen itti fayyadamtoota bishaan jallisii bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1 - 3 tiin federeeshinii hundeessuuf barbaadan waldaaleen kun Aanaa tokko keessa yoo ta'an Waajjira Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa Aanichaaf, Aanaa lama keessa yoo ta'an Waajjira Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa Godinichaaf, akkasumaas Godina lama keessa yoo ta'an Biirichaaf iyyata isaanii barreeffamaan dhiyeessuu qabu.

5) Biirichii fi caasaan isaa sadarkaan jiran iyyatni akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 4 tiin dhiyaateef guyyoota walitti aanaanii jiran 20 keessatti barreeffamaan deebii kennuu qaba.

**21. Qabeenya Waldichaa Dhimmoota Biroof Qabsiisuu**

1) Waldaan tokko qabeenya waldichaa dhimma biroof qabsiisee qaamolee liqii liqeessuuf aangoo qaban irraa liqeeffachuu kan danda'u:

(a) Bu'uuraalee misooma jallisii fi qoorsa lafaa daangaa tajaajila isaanii keessatti argamu suphuun barbachiisaa ta'ee yoo argamee; fi

(b) Bu'uuraalee misooma jallisii fi qoorsa lafaa babal'isuu fi fooyyeessuuf yoo barbaadeedha.

2) Waldaan akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1(a) fi (b) tiin qabeenya waldichaa qabsiisee liqeeffachuu yoo barbaade iyyata isaa Waajjira Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa Aanaatiif dhiyeessuu qaba.

3) Waajjira Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa Aanaa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 2 tiin iyyanni dhiyaateef guyyaa iyyanni dhiyaate irraa eegalee guyyoota walitti aanaanii jiran kudhan (10) keessatti deebii kennuu qaba.

፬) በዚህ አንቀጽ ንኡስ አንቀጽ ፩-፫ መሰረት የመስኖ ዉሃ ተጠቃሚዎች ማህበራት ፌደሬሽን ለመመስረት ከፈለጉ ማህበራቱ በአንድ ወረዳ ውስጥ ከሆኑ ለወረዳ እርሻ እና ተፈጥሮ ሀብት ጽ/ቤት፤በሁለት ወረዳዎች ውስጥ ከሆኑ ለዞን እርሻ እና ተፈጥሮ ሀብት ጽ/ቤት እንዲሁም በሁለት ዞኖች ውስጥ ከሆኑ ለኦሮሚያ እርሻ እና ተፈጥሮ ሀብት ቢሮ አቤቱታቸውን በጽሑፍ ማቅረብ አለበቸው፤

፭) ቢሮዉ እና በየደረጃዉ ያለዉ መዋቅር በዚህ አንቀጽ ንኡስ አንቀጽ ፬ መሰረት የቀረበለትን አቤቱታ በመመልከት በ፳ ተከታታይ ቀናት ውስጥ በጽሑፍ መልስ መስጠት አለበት፡፡

**፳፩. የማህበሩን ንብረት ለሌሎች ጉዳዮች ማስያዝ**

፩) አንድ ማህበር ማህበሩ ያለውን ንብረት ለሌላ ጉዳይ አስይዞ ብድር የመስጠት ስልጣን ካላቸው አካላት መበደር የሚችለው፡-

(ሀ) በአገልግሎት ክልላቸው ውስጥ የሚገኙትን የመስኖ እና ድሬኔጅ ልማት አውታሮች መጠገን አስፈላጊ ሆኖ ከተገኘ፤

(ለ) የመስኖ እና ድሬኔጅ ልማት አውታሮችን ማስፋፋት እና ማሻሻል ከፈለገ ነው፡፡

፪) ማህበሩ በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ (ሀ) እና (ለ) መሰረት የማህበሩን ንብረት አስይዞ መበደር ከፈለገ ማመልከቻውን ለወረዳው እርሻ እና ተፈጥሮ ሀብት ጽ/ቤት ማቅረብ አለበት፤

፫) በዚህ አንቀጽ ንኡስ አንቀጽ ፪ ማመልከቻው የቀረበለት የወረዳው እርሻ እና ተፈጥሮ ሀብት ጽ/ቤት ማመልከቻው ከቀረበበት ቀን አንስቶ በአስር (፲) ተከታታይ ቀናት ውስጥ መልስ መስጠት አለበት፡፡

4) The irrigation water users associations that need to establish federation in accordance with sub article (1-3) of this article shall apply in writing to the district of Agriculture and Natural Resources office where they are in the one district, to the zonal Agriculture and Natural Resources office where they are in different districts and to the regional Agriculture and Natural Resources Bureau where they are in different zones.

5) The Bureau to which application is submitted in accordance with sub article 4 of this article shall provide its response in writing within 20 consecutive days.

**21. Attachment of Properties of the Association for other purposes**

1) An association may attach its property to get loan from the authorized financial bodies:

(a) Where it is found necessary to maintain irrigation infrastructures and land drainage found within its service area;

(b) Where it needs to expand and improve irrigation infrastructures developments and land drainage.

2) Where an association needs to get loan by attaching its properties as per sub article 1(a-b) of this article, it shall submit its application to the District of Agriculture and Natural Resources office.

3) The District of Agriculture and Natural Resources office to which the application is submitted as per sub article 2 of this article shall give its response within 10 consecutive days as of the date the application is submitted.

**22. Mirga Itti Fayyadama Bishaan Jallisii Irraa Haquu**

1) Waldaan tokko mirga itti fayyadama bishaan jallisii miseensa irraa akka haqamuuf iyyata Mana Murtiitti kan dhiyeessu miseensichi:
   (a) Dambii ittiin bulmaata waldichaa kabajuu yoo baate;
   (b) Bu'uraalee misooma jallisii fi qoorsa lafaa irratti maal na dhibdeedhaan miidhaa yeroo lamaa fi isaa ol deddeebi'ee yoo geessise; fi
   (c) Balleessaa deddeebi'ee uumuuf gorsa kennamuuf fudhatee fooyya'uu yoo baateedha.
2) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1 (a - c) tiin waldichi mirga itti fayyadama bishaan jallisii miseensa irra akka haqamuuf Mana Murtiitti osoo hin dhiyeessin dura Waajjira Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa Aanaatiif iyyata dhiyeessee hayyama argachuu qaba.
3) Waajjira Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa Aanichaa iyyata akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 2 tiin dhiyaateef irratti guyyoota walitti aanaanii jiran kudhaan (10) keessatti deebii kennuu qaba.

**Kutaa Jaha**
**Hundeeffama Federeeshinii**

**23. Federeeshinii Hundeessuu**

1) Waldaleen itti fayyadamtoota bishaan jallisii lamaa fi isaa ol ta'an bakka tokko irraa dhiyeessa bishaanii itti tajaajilaman walitti dhufanii federeeshinii waldaa itti fayyadamtoota bishaan jallisii hundeessuu ni danda'u.
2) Waldaaleen bu'uura bu'uraalee misooma jallisii fi qoorsa lafa tokko irra bishaan jallisii argachuu danda'an hundi bu'uura bu'uralee misooma jallisii fi qoorsa lafaa kan bulchuu miseensa federeeshinii ta'uu qabu.

**፳፪. የመስኖ ውኃ የመጠቀም መብትን መሰረዝ**

፩) አንድ ማህበር ከመስኖ ውኃ ተጠቃሚ አባል የመጠቀም መብቱ እንዲሰረዝ ለፍርድ ቤት ማመልከቻ የሚያቀርበው አባሉ፡-
   (ሀ) የማህበሩን የመተዳደሪያ ደንብ ካላከበረ፤
   (ለ) በመስኖ እና ድሬይኔጅ ልማት አውታሮች ላይ በግዴለሽነት ሁለቴ እና ከዚያ በላይ በተደጋጋሚ ጉዳት ካደረሰ፤
   (ሐ) በተደጋጋሚ ለሚያጠፋው ጥፋት የሚሰጠውን ምክር ተቀብሎ መሻሻል ካልቻለ ነው፡፡
፪) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ (ሀ-ሐ) መሰረት ማህበሩ የመስኖ ልማት ውኃ የመጠቀም መብቱ እንዲሰረዝ ለፍርድ ቤት ሳያቀርብ በፊት ለወረዳው የእርሻ እና ተፈጥሮ ሀብት ቢሮ በማቅረብ ማስፈቀድ አለበት፤
፫) ቢሮዉ በዚሁ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፪ መሰረት በቀረበው ጥያቄ ላይ በአስር (፲) ተከታታይ ቀናት ውስጥ መልስ መስጠት አለበት፡፡

**ክፍል ስድስት**
**የፌዴሬሽን ምስረታ**

**፳፫. ፌደሬሽን መመስረት**

፩) ከአንድ የመስኖ ውኃ አቅርቦት የሚጠቀሙ ሁለት እና ከዚያ በላይ የመስኖ ውኃ ተጠቃሚ ማህበራት አንድ ላይ ሆኖ የመስኖ ውኃ ተጠቃሚዎች ፌደሬሽን መመስረት ይችላሉ፤
፪) ከአንድ ዋና የመስኖ አውታርና ድሬኔጅ የመስኖ ውኃየሚጠቀሙ ማህበራት ሁሉም የዋና መስኖ አውታርና ድሬኔጅ የሚያስተዳድር የፌደሬሽን አባል መሆን አለባቸው፤

**22. Cancelation from Irrigation Water Utilization Right**

1) An association shall submit an application to the court for the cancelation of irrigation water utilization right of a member where the he:
   (a) Fail to respect the administrative regulation of the association;
   (b) Carelessly damage irrigation and drainage infrastructures for two or more times repeatedly; and
   (c) Unable to accept advice given to him about his repeated commission of fault and improve himself accordingly.
2) The association shall submit the application for cancelation of the irrigation water utilization right of a member to the district Agriculture and Natural Resources office and acquire authorization before submitting such case for the court as per sub article 1(a-c) of this article;
3) The district Agriculture and Natural Resources office shall give its response to the application submitted to it as per sub article 2 of this article within 10 consecutive days.

**Part Six**
**Establishment of Federation**

**23. Establishing Federation**

1) Two or more irrigation water users associations which utilize from one water supply may establish irrigation water users Association Federation;
2) All the associations which acquire irrigation water from one irrigation development and land drainage infrastructures the administration of irrigation development and land drainage infrastructures shall be member of the Federation;

3) Federeeshiniin tokko waldaa miseensa ta'een alatti kanneen biroo kamiifuu bishaan misooma jallisii dhiyeessuu hin danda'u.

4) Waldaan kamiyyuu barreeffamaan yoo hayyamameef malee daangaa waldichi tajaajila kennu keessatti hojii kamiyyuu raawwachuu hin danda'u.

**24. Moggaasa Maqaa, Aangoo fi Hojii Federeeshinii**

1) Federeeshiniin maqaa iddoo bulchuun yookiin kan biroo waamama adda ta'etti aansuun "Federeeshinii Waldaa Itti Fayyadamtootaa Bishaan Jallisii" gaalee jedhu qabatee maqaa mataa isaa adda ta'e ni qabaata.

2) Federeeshiniin aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

(a) Bu'uuraalee misooma jallisii fi qoorsa lafaa bulchuu, hojii isaa sochoosuu, suphuu fi akka barbachisummaa isaatti fooyyessuuf, hojiiwwan ijaarsa barbachiisu waliin walqabatan ni gaggeessa.

(b) Hanga fayyadama bishaan misooma jallisii ilaalchisee dambii keessaa baasuu fi kaffaltii tajaajila miseensa waldichaaf kennu waldaa irraa ni sassaaba.

(c) Miseensa bakka bu'uun meeshaalee jallisii bituu, bakka buusuu, sochoosuu fi suphuu.

(d) Hojiiwwan dandeettii raawwachiisummaa irratti waldaaleef leenjii ni kenna, ni deeggara.

(e) Sagantaa raabsaa bishaanii ni baasa; raawwii isaas ni horddofa.

3) Federeeshiniin bu'uura Labsii fi dambii kanaatiin hundaa'u qaama seerummaa qabaachuu qaba.

፫) አንድ ፌደሬሽን አባል ከሆነ ማህበር ውጪ ለሌላ ማህበር የመስኖ ውኃ አያቀርብም፤

፬) ማንኛውም ማኅበር በጽሑፍ ከልፈቀደ በስተቀር በማህበሩ የአገልግሎት ክልል ውስጥ ምንም ሥራ መስራት አይችልም።

**፳፬. የፌደሬሽን ስያሜ፤ ስልጣንና ተግባር**

፩) ፌደሬሽን በሚያስተዳድረው ቦታ ስም ወይንም በልዩ መጠሪያ በመቀጠል የመስኖ ውኃ ተጠቃሚዎች ማኅበር ፌደሬሽን የሚል ስያሜ ይዞ የራሱ ልዩ ስም ይኖራዋል፤

፪) ፈደሬሽኑ የሚከተሉት ስልጣንና ተግባራት ይኖሩታል፡-

(ሀ) የመስኖ ልማትና ድሬኔጅ አውታሮችን ማስተዳደር፤ ሥራውን ማንቀሳቀስ፤ መጠገንእና እንደ አስፈላጊነቱ ማሻሻል፤ ግንባታ የሚያስፈልጉ ሥራዎችን ማከናወን፤

(ለ) የመስኖ ውኃ ፍጆታን በሚመለከት የውስጥ ደንብ ማውጣት እና ለአባላት ለሰጠው አገልግሎት ከማህበራት ክፍያዎችን መሰብሰብ፤

(ሐ) አባላቱን በመወከል የመስኖ ልማት መሳሪያዎችን መግዛት፣ መተካት፣ ማንቀሳቀስ እና መጠገን፤

(መ) በአቅም ግንባታሥራዎች ለአባላቱ ሥልጠና ይሠጣል፤ይደግፋል፤

(ሠ) የመስኖ ውኃ አቅርቦት ፕሮግራም ያወጣል፤አፈጻጸሙን ይከታተላል።

፫) በአዋጁና በዚህ ደንብ መሠረት የሚመሰረት ፌዴሬሽን ህጋዊ ሰውነት ይኖረዋል፤

3) The Federation shall not supply irrigation development water to any other association except to the association which is a member;

4) Any association shall not perform any activity in the service delivery area of the association unless permitted in writing.

**24. Designation of name, Power and Duties of Federation**

1) The federation shall have its own unique name which contain the phrase "Irrigation Water users Association Federation" following the name of the area it administers or some other distinct name;

2) The Federation shall have the following power and duties:

(a) Conduct duties related to administering irrigation development and land drainage infrastructures, running its duties, construction works necessary for maintenance and amendment;

(b) Issue internal regulation regarding the amount of irrigation development water to be utilized and collect the service fee from the association;

(c) Purchase, replace, move and maintain irrigation materials by representing the members;

(d) Provide trainings to associations on capacity building activities and support them;

(e) Set water distribution schedule and follow up its implementation.

3) The federation established in accordance with the proclamation and this regulation shall have legal personality;

4) Labsicha keessatti kan tumaman akkuma eegametti ta'ee, tumaaleen dambii kanaa waldaalee irratti rawwataman akka barbaachisummaa isaaniitti federeeshinoota irrattis raawwatiinsaa ni qabaatu.

5) Miseensi yaa'ii waliigala Fedeereshiinichaa tokkoon tokkoon koree hojii raawwachiiftuu waldichaa keessaa baay'ina isaanii akkaataa waliigaltee waldaaleetiin kan walitti dhufan ta'a.

6) Haalli raawwii hundeeffama federeeshiinii qajeelfama Biirichi baasuun kan murtaa'u ta'a.

## Kutaa Torba
## Itti Gafatamuummaa Bu'uraalee Misooma Jallisii fi Qoorsa Lafaa Dabarsuu fi Baasii Deebisiisuuf Kaffaltii Miseensotaan Raawwatamu

25. Itti Gaafatamuummaa Bulchiinsa Bu'uraalee Misooma Jallisii fi Qoorsa Lafaa Dabarsuu

1) Biirichi itti gaafatamummaa bulchiinsa opereeshinii fi suphaa bu'uraalee misooma jallisii fi qoorsa lafaa ammayyaa waldaaf dabarsuun ni kenna.

2) Biirichi itti gaafatamummaa bulchiinsa bu'uuraalee misooma jallisii fi qoorsa lafa ammayyaa yoo dabarsu:

(a) Odeeffaannoo akaakuu fi baay'ina bu'uraalee misooma jallisii fi qoorsa lafaa kan ibsu;

(b) Maanuwaalii opereeshiinii fi suphaa bu'uuraalee misooma jallisii fi qoorsa lafaa, karoora misooma qonnaa jallisii, dizayiinii iskiimii ijaarsa booda qophaa'e qabaachuu qaba.

3) Akkaataa Labsicha keewwata 31 (4) (a) jalatti tumameen sanada waliigaltee walharkaa fuudhiinsa bu'uuraalee misooma jallisii fi qoorsa lafaa Biirichi qopheessuun kan raawwatamu ta'a.

፬) በአዋጁ ውስጥ የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፤ ለማህበራት ተፈጻሚ የሚሆኑ የዚህ አዋጅ ድንጋጌዎች በፌዴሬሽን ላይም ተፈጻሚ ይሆናል፤

፭) የፌዴሬሽኑ ጠቅላላ ጉባኤ አባል ከያንዳንዱ ማህበር የሰራ አመራር ኮሚቴ ውስጥ ይወክላል፡፡

፮) የፌደሬሽኑ ምስረታ አፈጻጸም የእርሻ እና ተፈጥሮ ሀብት ቢሮ በሚያወጣው መመሪያ ይወሰናል፡፡

## ክፍል ሰባት
## የመስኖና ድሬይኔጅ ልማት አውታሮችን የማስተላለፍ ኃላፊነት እና በአባላት ስለሚፈጸም የወጪ መጋራት ክፍያ

፳፭. የመስኖ እና ድሬይኔጅ ልማት አውታሮች አስተዳደርን የማስተላለፍ ኃላፊነት

፩) ቢሮዉ ዘመናዊ የመስኖ እና ድሬይኔጅ ልማት አውታሮች የኦፕሬሽን እና ጥገና አስተዳደር ሀላፊነት ለማኅበራት አስተላልፎ ይሠጣል፤

፪) ቢሮዉ ዘመናዊ የመስኖ እና ድሬኔጅ ልማት አውታሮች አስተዳደር ኃላፊነት ሲያስተላልፍ፡-

(ሀ) የመስኖ እና ድሬኔጁን ዓይነትና ብዛት የሚገልጽ መረጃ፣

(ለ) የመስኖ እና ድሬኔጁን የልማት አውታሮች የኦፕሬሽንና ጥገና ማኑዋል፣ የመስኖ ግብርና ልማት ዕቅድ፣ ከግንባታ በኋላ የተዘጋጀ የመስኖ አውታር ስኪም ዲዛይን መያዝ አለበት፡፡

፫) በአዋጁ አንቀጽ ፴፩ (፬) (ሀ) ስር በተደነገገው መሠረት የመስኖ እና ድሬኔጅልማት ርክክብ ባለሥልጣኑ በሚያዘጋጀው የውል ሰነድ የሚፈጸም ይሆናል፡፡

4) Without prejudice to the provisions stipulated in the Proclamation, the provisions of this regulation applicable to associations shall also apply to federations.

5) Members of the general assembly of the Federation shall be drawn from each executive committee of the association in accordance with the agreements of the associations;

6) The implementation particulars of establishment of Federation shall be determined by the directive to be issued by Bureau.

## Part Seven
## Transfer of Irrigation Development and Land Drainage Infrastructures Responsibility and Payment made by Members to Return the Costs

25. Transfer of Administration Responsibility of Irrigation Development and Land Drainage infrastructures

1) The Bureau shall transfer shall transfer the administration responsibility of operation and maintenance of irrigation development and modern land drainage infrastructures to the associations;

2) Where the Bureau transfers the administration responsibility of irrigation development and modern land drainage infrastructures, it shall have:

(a) Information describing the types and number of irrigation development and land drainage infrastructures;

(b) Manual of operation and maintenance of irrigation development and land drainage, irrigation agriculture development plan, design scheme prepared after construction.

3) It shall be implemented in accordance with the irrigation development and land drainage infrastructures taking over contract document prepared by the Bureau as provided under article 31 sub article 4(a) of the proclamation.

**26. Baasii Deebisiisuuf Kaffaltii Miseensotaan Raawwatamu**

1) Hangi kaffaltii waldaan tokko baasii investimentii ijaarsa bu'uuraalee misooma jallisii fi qoorsa lafa ammayyaa giddugaleessaa fi gurguddaaf bahe deebisuuf raawwatu akkaataa qoraannoo Biirichi tokkoon tokkoo iskiimii irratti gaggeessuun kan murtaa'u ta'ee:
   (a) Dandeettii kaffaluu miseensota waldichaa;
   (b) Hamma bishaan itti fayyadamanii yookiin bal'ina lafa jallisiin misoomee;
   (c) Bu'aa oomisha jallisii irraa waldichi argatu giddugaleessa kan godhate ta'a.
2) Waldaaleen kaffaltii akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin murtaa'e nagahee galii Biiroon Maallaqaa fi Walta'iinsa Diinagdee maxxansiisutti fayyadamuun sassaabanii herrega baankii Biirichi dhimma kanaaf banu irratti galii taasisuu qabu.
3) Biirichi waldaaleen kaffaltii akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin murtaa'e akkaataa seeraatiin sassaabanii galii taasisuu isaanii ni hordofa; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata.

## Kutaa Saddeet
## Haala Tajaajila Kennitootni Itti Hundaa'anii fi Tajaajilli Itti Kennamu

**27. Haala Tajaajila Kennitootni Itti Hundaa'an**

Tajaajila kennitootni ulaagaalee armaan gadii kan guutan ta'uu qabu:

1) Dhaabbilee mootummaa yookiin dhuunfaa ogummaa kenna tajaajila misooma jallisii qaban;
2) Seera bittaa kenna tajaajilaa kan guutan;

**፳፮. በአባላት ስለሚፈጸም የወጪ መጋራት ክፍያ**

፩) በማህበሩ አባላት የሚከፈለዉ የወጪ መጋራት ቢሮዉ በያንዳንዱ የመስኖ እና ድሬኔጅ መሰረተ ልማት ላይ በሚያካሂደው ጥናት የሚወሰን ሆኖ፡-
   (ሀ) የማህበሩን አባላት የመክፈል አቅም፤
   (ለ) የሚጠቀሙትን የውኃ አቅም ወይም በመስኖ በሚለማውን የመሬት ስፋት፣
   (ሐ) ማህበራቱ ከመስኖ ልማት የሚያገኙትን ምርት መሠረት ያደረገ ይሆናል።
፪) ማህበራት በዚህ አንቀጽ ንኡስ አንቀጽ ፩ መሰረት የሚሰበስቡትን ክፍያ በገንዘብና እኮኖሚ ልማት ትብብር ቢሮ በሚታተም ደረሰኝ ሆኖ ቢሮዉ ለዚሁ ተግባር በሚከፈተው ባንክ ሒሳብ ቁጥር ገቢ ማድረግ አለባቸው።
፫) ቢሮዉ ማህበራት በዚህ አንቀጽ ንኡስ አንቀጽ ፩ መሰረት የተወሰነውን ክፍያ በአግባቡ ሰበስው ገቢ ማድራጋቸውን ይከታተላል፤ ማስተካከያ እርምጃ ይወስዳል።

## ክፍል ስምንት
## አገልግሎት ሰጪዎች ስለሚቋቋሙበትና የአገልግሎት አሰጣጥ ሁኔታ

**፳፯. አገልግሎት ሰጪዎች የሚቋቋሙበት ሁኔታ**

የሚቋቋሙት አገልግሎት ሰጪዎች የሚከተሉትን መስፈርቶች የሚያሟሉ መሆን አለባቸው፡-

፩) የመስኖ ልማት አገልግሎት አሰጣጥ ሙያ ያላቸው መንግስታዊ ወይም የግል ተቋማት፤
፪) የአገልግሎት አሰጠጥ ግዥ ሕግን የሚያሟሉ፤

**26. Payments made by Members to return the costs**

1) The amount of payment that an association performs to return the costs invested for construction of medium level and huge irrigation development and modern land drainage infrastructures shall be determined in accordance with the research to be undertaken by the Bureau on each scheme; and shall consider:
   (a) The paying ability of members of the association;
   (b) The amount of water they used of land size developed by irrigation;
   (c) The benefit that the association acquires from irrigation.
2) The association shall collect the payment determined in accordance with sub article 1 of this article using the income receipt issued by Finance and Economic Cooperation Bureau and shall deposit in the bank account opened by the Bureau for such purpose;
3) The Bureau shall control that the associations collect and deposit the payment determined as per sub article 1 of this article; take corrective measure.

## Part Eight
## Establishment of Service Providers and Service Delivery

**27. Establishment of Service Providers**

The service providers shall fulfil the following requirements:

1) Government or non-governmental organizations having the profession/skill of irrigation development service;
2) Fulfil service providing procurement law;

3) Qaama aangoo gurmeessuu qabuun kan gurmaa'an; fi
4) Waldicha waliin waliigaltee kenna tajaajilaa raawwachuuf dandeettii kan qaban.

**28. Haala Tajaajilli Itti Kennamu**

Tajaajila kennitootni akkaataa Labsicha keewwata 36 (1 fi 2) tiin Waldichaaf tajaajiloota adda addaa kan kennan ta'ee, haalli kenniinsa tajaajilichaas:

1) Karoora fedhii tajaajilaa bara waliigaltee tajaajilaa keessatti waldicha irraa dhiyaate irratti hundaa'uun;
2) Rakkoolee mana hojichaan adda bahanii fi waldichaan fudhatama argatan furuu; fi
3) Rakkooleen akka tasaa bu'uuralee misooma jallisii irratti uumaman hiikuuf ta'a.

## Kutaa Sagal
## Tumaalee Adda Addaa

**29. Haala Raawwii Adabbiiwwan Bulchiinsaa**

1) Waldaan kamiyyuu gosaa fi hanga adabbii balleessaawwan Labsicha keewwata 45 (1)(a-g) jalatti tarreeffamanii akkaatuma sadarkaa balleessaatiin dambii ittiin bulmaata keessoo isaa keessatti tarreessee yaa'ii waliigatiin mirkana'e irratti hundaa'ee koreen hojii raawwachiiftuu adabbii bulchiinsaa kennuu danda'a.
2) Gosti fi hangi adabbiin bulchiinsaa koree hojii raawwachiiftuu waldichaatiin kennamu inni olaanaan miseensa balleessa raawwate maallaqaan adabuu yookiin tajaajila dhiyeessa bishaan misooma jallisii irraa dhaabuudha.

፫) የማደራጀት ስልጣን ባለው አካል የተደራጁ፤እና
፬) ከማህበሩ ጋር የአገልግሎት አሰጣጥ ስምምነት ለመፈጸም ብቃት ያላቸው፡፡

**፳፰. አገልግሎት ስለሚሰጥበት ሁኔታ**

አገልግሎት ሰጪዎች በአዋጁ አንቀጽ ፴፮ ንኡስ አንቀጽ ፩ እና ፪ መሠረት ለማኅበራት የተለያዩ አገልግሎቶች የሚሰጡ ሆኖ፤ አገልግሎቱ አሰጣጥም፡-

፩) በአገልግሎት ውል ዘመን ውስጥ ከማህበሩ በሚቀርበው የአገልግሎት ፍላጎት ዕቅድ ላይ በመመስረት፤
፪) በመስሪያ ቤቱ የተለዩና በማህበሩ ተቀባይነት ያገኙ ችግሮችን መፍታት፤እና
፫) በመስኖ ልማት አውታሮች ላይ በድንገት የሚከሰቱ ችግሮችን ለመፍታት ይሆናል፡፡

## ክፍል ዘጠኝ
## ልዩ ልዩ ድንጋጌዎች

**፳፱. ስለአስተዳደራዊ ቅጣቶች አፈጻጸም**

፩) ማንኛውም ማህበር በአዋጁ አንቀጽ ፵፭ (፩) (ሀ-ሰ) ስር የተዘረዘሩትን ጥፋቶች አይነትና የቅጣት መጠን እንደ ጥፋቱ ደረጃ በመተዳደሪያ ደንቡ በመዘርዘር በጠቅላላ ጉባኤው በጸደቀው ላይ በመመስረት በሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴው በኩል አስተዳደራዊ ቅጣቶችን ሊሰጥ ይችላል፤
፪) በማኅበሩ ስራ አስፈጻሚ ኮሚቴ የሚሠጠው አስተዳደራዊ ቅጣት አይነትና መጠን ከፍተኛው ቅጣት ጥፋት የፈጸውን አባል በገንዘብ መቅጣት ወይም አባሉ የሚያገኘውን የመስኖ ልማት ውሃ አቅርቦት አገልግሎት ማቋረጥ ነው፤

3) Organized by the Authorized body; and
4) Capable to enter in to service provision contracts with the association.

**28. As to How Service be provided**

The service providers shall provide various services to the association in accordance with article 36 sub articles 1 and 2 of the proclamation; and the ways of the service provision shall be:

1) Performed based on the plan of demand for service submitted by the association in the service agreement;
2) Which resolves the problems identified by the office and accepted by the association;
3) To avoid the problems which are suddenly created on irrigation development infrastructures.

## Part Nine
## Miscellaneous Provisions

**29. Implementation of Administrative Measures**

1) Any association shall specify the types and gravity of measures for the faults provided under article 45 sub articles 1(a-g) of the proclamation in its internal administrative regulation as per the level of the fault and the executive committee may take administrative measure depending on the faults and their measures approved by the General Assembly;
2) The highest type and gravity of administrative measure taken by the executive committee of the association may be penalizing the member who commit fault with fine or ceasing irrigation water development supply service from him;

3) Sirni koreen hojii raawwachiiftuu waldichaa gosaa fi hanga adabbii ittiin raawwachiisu dambii ittiin bulmaata keessoo waldichaa keessatti kan diriiru ta'a.

4) Biirichi moodeela dambii ittiin bulmaata waldaalee qopheessuudhaan waldaaleef raabsuu qaba.

**30. Sirna Koreen Waldhabiinsa Hiiku Ol'iyyannoo Itti Ilaalu**

Korichi bu'uura Labsicha keewwata 43 (1)(d) tiin ol'iyyannoo yammuu ilaalu adeemsa armaan gadii hordofuu qaba:

1) Dura taa'aan korichaa komii ol'iyyannoo dhiyaate simachuun guyyaa hojii shan keessatti deebii kennaa akka dhaqqabu ni taasisa.

2) Deebii kennaan komii ol'iyyannoo akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin isa dhaqqabe guyyoota hojii kudhan keessatti deebii isaa barreeffamaan korichaaf dhiyeeffachuu qaba.

3) Korichi komii dhiyaatee fi deebii kenname ilaaluudhaan guyyaa hojii shan keessatti murtii kennuu qaba.

4) Qaamni murtii korichaa irratti komii qabu guyyaa murtiin kenname irraa eegalee guyyoota soddoma keessatti Mana Murtii Aanaatti iyyachuu ni danda'a.

**31. Haala Waldaalee Labsiin Bahuun Dura Gurmaa'anii**

1) Waldaaleen Labsichi bahuun dura Ejensii Babal'ina Waldaa Hojii Gamtaa fi qaamolee birootiin hojii gamtaatiin gurmaa'an akkuma jirutti ta'ee, isaan keessaa itti fayyadamtoota bishaan jallisii bu'uuraalee misooma jallisii fi qoorsa lafa ammayyaa fi aadaa kan ta'an akkaataa Labsicha keewwata 48 tiin irra deebiin gurmaa'uu qabu.

፫) የማህባሩ ሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴ የቅጣቱን አይነትና መጠን የሚያስፈጽምበት ስርዓት በማህበሩ የውስጥ ደንብ የሚዘረጋ ይሆናል፤

፬) ቢሮዉ የማህበራትን መተዳደሪያ ደንብ ሞዴል አዘጋጅቶ ለማህበራቱ መስጠት አለበት፡፡

**፴. የአለመግባባት ፈቺ ኮሚቴ ይግባኝ የሚያይበት ሥርዓት**

ኮሚቴው በአዋጁ አንቀጽ ፵፫ (፩) (መ) መሰረት ይግባኝ ሲመለከት የሚከተለውን አካሄድ መከተል አለበት፡-

፩) የኮሚቴው ሊቀመንበር የቀረበውን ይግባኝ በመቀበል በአምስት የሥራ ቀናት ውስጥ ለመልስ ሰጭ እንዲደርስ ያደርጋል፤

፪) መልስ ሰጭም በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ መሰረት የደረሰውን ይግባኝ በመመልከት በአስር የሥራ ቀናት ውስጥ በጽሁፍ ለኮሚቴው መልስ መስጠት አለበት፤

፫) ኮሚቴው የቀረበለትን ይግባኝና የተሰጠውን መልስ በመመልከት በአምስት የሥራ ቀናት ውስጥ ውሰኔ መስጠት አለበት፤

፬) ኮሚቴው በሰጠው ውሳኔ ቅር የተሰኘ አካል ውሳኔ ከተሰጠበት ቀን ጀምሮ በሰላሳ ቀናት ውስጥ ለወረዳ ፍርድ ቤት ማመልከት ይችላል፡፡

**፴፩. አዋጁ ከመውጣቱ በፊት ስለ ተደራጁ ማህበራት**

፩) አዋጁ ከመውጣቱ በፊት በህብረት-ሥራ ማስፋፊያ ኤጀንሲና በሌሎች አካላት በህብረት-ሥራ የተደራጁ ማህበራት እንደተጠበቁ ሆኖ ከእነርሱ መካከል የዘመናዊና ባህላዊ መስኖ ውሀና ድሬይኔጅ መሰረተ ልማት ተጠቃሚዎች የሆኑት በአዋጁ አንቀጽ ፵፰ መሠረት እንደገና መደራጀት አለባቸው፤

3) The system whereby the executive committee of the association enforces the type and gravity of penalty shall be extended in the internal administrative regulation of the association;

4) The Bureau shall prepare model administrative regulation of associations and distribute to them.

**30. Appeal Hearing Procedure of the Dispute Settlement Committee**

The dispute settlement committee shall observe the following steps while examining the appeal in accordance with the provision specified under proclamation article 43 (1) (d):

1) Chairperson of the committee shall accept the appeal lodged and cause it to reach the defendant within five working days;

2) The defendant to whom the appeal is reached as per sub article 1 of this article shall submit his response in writing to dispute settlement committee within 10 working days;

3) The dispute settlement committee shall examine the appeal and response given and pass decision within 5 days;

4) The party aggrieved of the decision of the committee may submit its claim to the district court within 30 days.

**31. Conditions of Associations Organized before Issuance of the Proclamation**

1) Without prejudice to the associations organized in cooperatives by Cooperative Association Promotion Agency and other bodies before the enactment of the proclamation, among them, the associations which are users of modern and traditional irrigation and land drainage development infrastructures shall be reorganized in accordance with article 48 of the proclamation;

2) Waldaan itti fayyadamtoota bishaan jallisii qaamolee birootiin gurmaa'e kamiyyuu guyyaa Labsichi hojiirra oole irraa eegalee waggoota lama keessatti waldaa itti fayyadamtoota bishaan jallisii ta'ee irra deebiin ni galmaa'a. Raawwiin isaa qajeelfama Biirichi baasuun kan murtaa'u ta'a.

**32. Aangoo Qajeelfama Baasuu**

Biirichi dambii kana raawwachiisuuf qajeelfama baasuu ni danda'a.

**33. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne**

Dambiin, qajeelfamnii fi barmaatileen hojii Dambii kanaan walfaallessan kamiyyuu dhimmoota Dambii kanaan hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

**34. Yeroo Dambiin Kun Hojiirra Itti Oolu**

Dambiin kun Onkoloolessa 23, Bara 2011 irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

**Finfinnee**
**Onkoloolessa 23, Bara 2011**
**Lammaa Magarsaa**
**Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa**

፪) በሌሎች አካላት የተደራጀ ማንኛውም የመስኖ ውኃ ተጠቃሚዎች ማህበር አዋጁ ሥራ ላይ ከዋለበት ቀን ጀምሮ በሁለት ዓመት ውስጥ የመስኖ ውኃ ተጠቃሚዎች ማህበር ሆኖ እንደገና ይመዘገባል፤ አፈጻጸሙ ቢሮዉ በሚያወጣው መመሪያ የሚወሰን ይሆናል፡፡

**፴፪. መመሪያ የማውጣት ሥልጣን**

ቢሮዉ ይህን ደንብ ለማስፈጸም መመሪያ ሊያወጣ ይችላል፡፡

**፴፫. ተፈጻሚነት ስለማይኖራቸው ሕጎች**

ከዚህ ደንብ ጋር የሚቃረን ማንኛውም ደንብ፣መመሪያና ልማዳዊ አሠራር በዚህ ደንብ በተሸፈኑ ጉዳዮች ላይ ተፈጻሚነት አይኖራቸውም፡፡

**፴፬. ደንቡ ሥራ ላይ የሚውልበት ጊዜ**

ይህ ደንብ ከጥቅምት ፳፫ ቀን ፪ሺ፲፩ ዓ.ም ጀምሮ ሥራ ላይ የሚውል ይሆናል፡፡

**ፊንፊኔ**
**ጥቅምት ፳፫ ቀን ፪ሺ፲፩ ዓ.ም**
**ለማ መገርሳ**
**የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት ፕሬዝዳንት**

2) Any irrigation water users association organized by other bodies shall be reregistered as being irrigation water users association within two years as of the effective date of the proclamation; its implementation shall be determined by the directive to be issued by the Bureau.

**32. Power to issue Directives**

The Bureau may issue directives to implement this Regulation.

**33. Inapplicable Laws**

Any regulation, directive and customary practice inconsistent with this Regulation shall not be applicable on the matters covered by this Regulation.

**34. Effective Date**

This Regulation shall come in to force as of November 2, 2018.

**Finfine**
**November 2,2018**
**Lema Megersa**
**President of Oromia Regional State**

**©Waajjira Caffee Oromiyaatiin Kan Maxxanfame**
በጨፌ ኦሮሚያ ጽ/ቤት የታተመ
**Published by The Secretariat of "Caffee" Oromia**
**Amajjii 20 Bara 2011 / ጥር ፳ ቀን ፪ሺ፲፩ / January 28, 2019**